

Leadstar College Management And Leadership

Seensa Barumsa Falaasamaa

Koodii Koorsichaa/ course code GED-103

Contents

| | |
|---|----|
| Ibsa waa’ee Barumsichaa..... | 4 |
| Kaayyoo Barumsichaa | 4 |
| Kutaa Tokkooffaa..... | 6 |
| Ilaalcha Addunyaa iltiin Ibsan | 6 |
| 1.1 Seensa | 6 |
| 1.2 Hiika ilaalcha Addunyaa ittiin ibsan | 7 |
| 1.2.1 Maddaawwan Ilaalcha Addunyaa keenyaa..... | 10 |
| 1.2.2 Oduu afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbu..... | 11 |
| 1.3 Gosawwan Ilaalcha Addunyaa | 14 |
| 1.3.1 Kiristaanota warra Waaqayyo jira jedhan (Christan Theism). | 14 |
| 1.3.2 Amatiwwan Aadaa kan Afriikaa | 15 |
| 1.3.3 Uumaan uumama isaa irraa adda ba’ee jiraata (Deism) | 17 |
| 1.3.4 Naturalism:..... | 18 |
| 1.3.5 Nihilism (Duwwaa ta’uu):..... | 20 |
| 1.3.6 Existentialism (jirraattuummaa) jirattummaa (Existentialism)..... | 20 |
| 1.3.7 Pantheistic Monism (Phaanteyiistik Monooyizm) | 23 |
| 1.3.8. New Consciousness (sochii barichaa/bara haaraa) | 24 |
| 1.3.9. Postmodernism | 25 |
| 1.3.9.1 Warra Ginoostiik jedhamanii fi ergamaa Yohaannis..... | 25 |
| 1.3.9.2 Luuter fi Bara Eebbaa..... | 27 |
| 1.3.9.3 Beektoota Jarmanii warra waa’ee Waaqayyoo qu’atan fi Kaarlbaart | 28 |
| 1.3.9.4 Lola addunyaa isa lammaffaa fi bara Loojikii | 30 |
| 1.3.9.5 Itiyooophiyaa fi Hafuura Barichaa..... | 31 |
| 1.3.9.6 Poost Mooderniizimiin Maal inni? | 32 |
| 2. Kutaa Lammaffaa Falaasama | 49 |
| 2.1. Seensa | 49 |
| 2.2 Maalummaa Falaasummaa..... | 50 |
| Falaasummaan Maali inni? | 50 |
| 2.3 Falaasama bara Soqraaxis duraa..... | 52 |
| 2.4 Falasummaa bara Kilaasikii | 53 |
| 2.5 Adeemsa Falasama Bara Gidduu Galeessaa | 57 |
| 2.6 Sochii Falasama Jaarraa 19ffaa | 58 |
| 2.7 Dameewwan Falasamaa | 59 |
| 2.8 Maalummaa Sirna Naamusaa Falaasummaa..... | 59 |

| | |
|---|-----|
| 3. 1Kutaa Sadaffaa: | 89 |
| Ibsa Gabaabaa Waa’ee Loojikii | 89 |
| 3.1 Loojikii jechuun maal jechuudha?..... | 89 |
| 3.2 Waa’ee Loojikii Baruun Maalif nu Barbaachisa ?..... | 90 |
| 3.3 Falmiin jechuun maal jechuudha ? | 91 |
| 3.4 Wal diddaa jechuun maal jechuudha ?..... | 94 |
| 3.5 Goolaba | 99 |
| 3.6 Yeroo kun yaaddeessaa ta’uu isaa kan agarsiisan maal fa’i?..... | 100 |



Ibsa waa'ee Barumsichaa

Galmi barumsi kun itti qopha'einni guddaan, saayinsii falaasummaaf jaqabni maal akka ta'e barattootni akka hubataniif, namootni gara falaasummaatti attamiin akka dhufan kan agarsiisan ilaalchawwannamootni addunyaa ittiin hubatan maal akka ta'an akka hubataniif dha. Faayidaan barumsa kanaa barattootni Macaafa Qulqulluu akka gaaritti hubatanii sirriitti akka hiikaniif, akkasumas, kalaqa namoota kanneen biroof itti dhiyyeessuu danda'an akka horataniif jecha kan qophaa'eedha.



Kaayyoo Barumsichaa

Kaayyoon barnoota kanaa inni olaanaan, wantoota barumsa waa'ee Waaqayyoo fi falaasama walitti fidan hubachuudhaan, alaasamni akkasumatti jibbuu irraa deebi'uun, karaa gaariin itti fayyadamuu akka danda'aniif gargaaruu dha.

Barataan barumsa kana akka gaaritti qu'atee deggarsa barsiisaa argate hubannoo wantoota armaan gadii horata jedhamee abdatama.

Isaanis:

- 1) Ilaalchi namootni waa'ee addunyaa qaban adda addaa ta'uu isaa ofii isaanitti akka kiristaanaa tokkotti, ilaalcha qabaachuu qaban adda baasanii hubachuudhaa, addunyaa ilaalchisee namoota ilaalcha adda adda qaban akka gargaaran isaan taasisa.
- 2) Hubannoon falaasamaa ka'umsa isaa irraa eegalee baruuf dandeesiisu argatu.

- 3) Falaasotni addunyaa irratti bebbeekamoo ta'an bara akkamii keessa akka ka'an, gosni falaasama isaanii maal akka ta'e ni hubatu.
- 4) Falaasamni kiristaanummaa fi yaada waa'ee Waaqayyoo wajjin hiriiroo inni qabu maal akka ta'e ni hubatu.
- 5) Ogummaan falaasummaa fi falmii qabiyyeen kiristaanummaa qabu gahumsaan geggeessuu dandeesiisu argatu.

Kutaa Tokkooffaa

Ilaalcha Addunyaa Ittiin Ibsan



1.1 Seensa

Namni tokko tokkoon isaa beekes ta'e osoo hin beekin, wantoota kara itti hubatuu fi karaa hiika itti kennu ilaalchaa kan ofii isaa qaba. Isa kana egaa ilaalcha addunyaa ittiin ibsan kan jedhamu. Dhugaan beekamu tokko, ilaalcha tokko tokkoo namaa sakata'uuf yeroo isaas ta'e dandeettii isaa qabaachuu hin dandeenyu. Haa ta'u malee, kallatti kana irratti namootni qu'annoo waan jiraniif qu'annoo isaanii kana irratti hundaa'uudhaan ilaalchawwan adda addaa namootni dhuunfaan qaban irraan kan ka'e ilaalchawwan addunyaa ittiin ibsan bakka adda addaatti qoqqoodaman maalummaa isaanii fi ibsa dimashaashaa kennaman kutaa kana keessatti kan ilaallu ta'a.

Haaluma kanaan, kutaa kana keessatti ilaalcha addunyaa ittiin ibsan jechuu hiikni isaa maal akka ta'e, madden isaa maal faa akka ta'an, gosotni ilaalcha addunyaa ittiin ibsan maal faa akka ta'an ilaalla. Xumura irrattis walitti

Qabaatti, ilaalcha kan kiristaanummaa ilaalchawwan addunyaa ittiin ibsan kanneen biroo wajjin wal bira qabnee ilaaluudhaan, barumsa kutaa kanaa goolabuuf yaalla.

Kutaa kana keessatti barattootni mata-dureewwan dhiyaatan irratti hubannoo bu'uura kanneen armaan gaditti tuqamaniargatu.

- Namootni eenyu illee, sammuun isaa duwwaa akka hin taane, ilaalchaa fi hubannoo kan ofii isaanii kan ittiin guddatan fi kan of keessatti qabatanii dhufan akka qaban ni hubatu.
- Barattootni gaaffiiwwan bu'uura ilaalcha addunyaa ittiin ibsan ilaalchisee gaafataman, irratti ilaalcha Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'ee ni gabbifatu.
- Namoota kanneen biroo barsiisuufis ta'e, wangeela babal'isuuf, namoota isaan gargaaru danda'an ilaalcha isaaniin akka isaan gargaaraniif hubannoo ragaa gahaa ta'e argatu.

1.2 Hiika ilaalcha Addunyaa ittiin ibsan



Ilaalcha Addunyaa ittiin ibsan jechuun maal jechuudha?

Waa'ee ilaalcha addunyaa ittiin ibsan irratti duddubachuudhaaf, dursinee fakkeenya armaan gadii mee haa ilaallu. Bokkaan yeroo roobu namoota tokko tokkoof gammachuu guddaa dha. Namoota kanneen biroo immoo bakakkaa dha. Namoota hundatu bokkaa miira wal fakkaatuun simata miti. Fakkeenyaaf, namni magaalaa keessa adeemaa jiru bokkaan karaa irratti yoo itti roobe, bokkicha abaaraa adeema ta'a. namni yeroo bokkaan roobu mana keessa ta'aa jiru garuu kosii kana nuuf qulqulleessa jechuun rooba sana gammachuun simata. Karaa biraa, qotee bulaan yeroo bokkaan sirriitti roobu ni gammada.

Sababiin isaas, bishaan waa hedduudhaaf baay'ee barbaachisaa waan ta'eef dha. Egaan asi irratti yeroo ilaallu, bokkichi sanuma bokkaadha. Faayidaa fi miidhaa bokkaa ilaalchisee, yaadni nuti waa'ee bokkaa duraan qabnu bokkicha kallattii adda addaan akka nuti hubannu nu taasiseera. Egaan, yaada nuti dursinee waa'ee waan tokko qabnu dha yaada waa'ee ilaalcha addunyaa ittiin ibsan akka nuti yaadnu kan nu taasie. Kanaafuu, yaada kana akkaataa armaan gaditti gad fageenyaan ilaalla.

- ❖ Ilaalchi addunyaa ittiin ibsan akkaataa nuti waa'ee addunyaa itti yaadnu dha. Yookan immoo, ijaa nuti addunyaa ittiin ilaalludha. Karaa nuti wantoota ijaan argaman fi harkaan qaqqabataman hundaa ittiin hubannu dha.
- ❖ Ilaalchi addunyaa ittiin ibsan, walitti qabama yaadoolee dursinee waa'ee waan tokko nuti qabnu dha. Waa'ee waan tokkoo dursinee waan nuti yaadnu jechuudha. Yaadoleen dursinee waa'ee waan tokkoo nuti qabnu kun guutummaa guutuutti dhugaa ta'uu danda'u.
Gar-tokkeen isaanii dhugaa ta'uu danda'u. Yookan immoo, guutummaa guutuutti soba ta'uu danda'u.

Fakkeenyaaf, taaksiiwwan Finfinnee keessa jiran irratti jechootni dubbifaman tokko jiru. Innis kan akkas jedhu dha. "Sooressi hin barannee hiyyeessa waan ofii isaa uume itti fakkaata" kan jedhu dha. Kun egaan, ilaalcha yaada dursee sooreessii hin barannee qabu kan agarsiisudha.

- Ilaalchi addunyaa ittiin ibsan keessaa keenyatti kan argamu yammuu ta’u, keessa keenyatti beeknees ta’e, osoo nuti hin beekin, haala dhaabbataa ta’een, yookan darbee darbee nu keessatti argamuu danda’a.

“Namootni waan isaan dubbatanii fi waan isaan hojjetan sirriitti ilaaluudhaan, ilaalchi addunyaa isaan qaban hanga tokko hubachuu ni danda’ama. Ilaalchi addunyaa hordofoota isaaf gaaffilee bu’uura irraa calaqqisa.

Gaaffilee bu’uura kana hudumti keenya bara jireenya keenya keessatti kallattiinis ta’e, al-kallattiin nutis gaafanneerra. Gaaffilee kana keessaa kanneen tokko tokkoofi beebennes ta’e, osoo hin beekin, deebii itti kenninneerra. Deebiiwwan kana dimshaashatti akkaataa armaan gaditti qoodnee ilaalu dandeenya.

- A) Amantii gochaan wal- fudhatee keessa keenyatti kan nuti amannu, kan nuti dubbannu fi kan nuti hojjennu isaan tokkodha. Hatuun ibsa kamiin iyyuu cubbuu ta’uu isaa beekna; ni amanna. Ni dubbanna; gochaanis dhugaa kana agarsiifna. Dimshaashummatti, kaa’uudhaaf waan beeknu, waan amannuu, waan lallabnu sana jiraanna jechuudha.
- B) Amantii fi gochi kan wal faana hin ddeemne jira keessa keenyatti ni amanna (keessoo); ni dubbanna. Haa ta’u malee gochaan hin mulifnu. Hatuun bifa kamiin iyyuu cubbuu ta’uu isaa beeknas ni dubbanna. Haa ta’e malee ni hanta. Kana jechuun as keessatti wanti nuti beeknuu fi wanti nuti amannu gochaa keenya wajjin wal hin simu.

Namootni naannoo keenya jiran kanneen kiristaanummaa/Islaamummaa/Ortodoksii hin beekne, waa'ee gaaffilee bu'uura kanneen warra armaan gadiif deebii attamii kennu?

1. Wantoota nuti ija keenyaan arginus ta'e, kanneen nuti ija keenyaan hin argineef maddi isaanii, ka'umsi isaani maal? (isaan kunis eessa dhufan)?
2. Wantootni naannoo keenya jiran wantootni lubbuu hin qabne keessa dhufan?(samiin ol-sokkuu isaa fi seenaa waa'ee Gaangee sanaa).
3. Dhalli namaa inni maaldha?
4. Namni yeroo du'a maal ta'a?
5. Waan tokko attamitti beeku dandeenya?
6. Waan gaarii fi waan hamaa kan nuti beekuu dandeenyu attamitti?
7. Seenaan dhala namaa hiikni isaa maal inni?

1.2.1 Maddaawwan Ilaalcha Addunyaa keenyaa

Akkuma armaan olitti ilaaluuf yaalle ilaalchi addunyaa ittiin ibsan adeemsa baruu- barsiisuu akkasiin kan argaman osoo hin taane, akkaataa guddina keenyaa, naannoo keenya, aadaa keenya kkf wajjin hariiroo kan qabudha. Namni maqaan isaanii Niiniyaa Smart jedhamuun ilaalcha addunyaa namni tokko qabuuf madda kan ta'u jira jedhu.

Maddawwan kun ja'a ta'u kan jedhu yaada dhiyyeessu. Maddawwan ilaalcha addunyaa ta'u kan jedhan **ja'an** akkaataa armaan gaditti ibsu.



1. **Shaakala:-** bara kana keessa keessumattuu dargaaggootni wantoota adda addaa kan isaan baran daddabalanii yaalii gochuun akka ta'e beekamaadha. kanaaf ka'umsa kan ta'u immoo,

namootni buleeyyiin yeroo umurii dargaaggummaa keessa turan attamitti jiraachaa akka turan sababa isaan itti hin himneef ofii isaanii irratti yaalii balaaf isaan saaxilu geggeessu.

Isaan kana keessaa kanneen gurgurddoo ta’an yoo ilaalle kanneen akka quunnamtii saalaa, dhugaatii nama macheessuu, suusii (araada) adda addaa shaakalu kkfdha. Kana irraan kan ka’e, shaakala balaaf isaan saaxiluu kana keessatti liqimfamarii hafu. Itti dabalees as irratti qooda guddaan kan kennamuuf meeshaalee sub-quunamtii ta’a. Fakkeenyaaf, dhalootni yeroo ammaa kun akka isaan guddisuuf dhaloota Interneetii itti kennaman dha.

1.2.2 Oduu afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbu.

Inni kun yaadni inni of keessatti qabu, addunyaan keenya kun sababa isheen akkas taateef ibsuudhaaf seenaa dhalli namaa duddubbatu ilaaluun barbaachisaa dha kan jedhuudha. Tokko tokkoon keenya yeroo ijoollummaa keenyaa wantoota biyya lafaa irratti argaman ibsuudhaaf waa’ee isaanii kan ibsan seenaawwan adda addaa nutti himamaniiru. Fakkeenyaaf, yeroo ijoollummaa kootii akkoon koo seenaa beekamaa tokko nutti himte. Innis akkas kan jedhudha. “Dur samiin kun mataa namaatti dhihoo ture. Garuu gaaf-tokko gaangeen of-tuulummaa irraan kan ka’e waan dhiiteef ol fagaatee bakka amma jiru kan gahe .Gaangeenis kana irraan kan ka’e waan abaaramteef akka hin dhalle taate” kan jedhu dha. Seenaa kana

keessatti gaaffilee lama kallattiinis ta'e al-kallattiin deebisteetti.

Isaanis:-

1. Gaangeen sababni isheen hin dhalleef maalif akka ta'e

2. Samiin lafa irraa ol fagaachuun isaa maaliif akka ta'e .Akkuma kana gaaffilee adda addaa ibsuudhaaf bifa oduun, bifa jechaan, bifa afoolaan jechootni adda addaa akka jiran beekamaadha.

2 .Madda Doktariin iaallatu:- inni kun yaada dhalli namaa waa'ee addunyaa fi waa'ee jireenyaa qabu ilaallata. Fakeenyaaf, nuti kiristaanotni warri wangeelaa wantoota itti amannu bifa barreeffamaan "bo'owwan amantii" keenya keessa galchineerra. Isaan kana miseensoota waldaa keenyaa ni barsiifna. Fakkeenyaaf, bo'owwan amantii kudha ja'a waldaa Makkaana Yasuus caqasuun ni danda'ama.

4.Madda Sirna Naamusaa:Inni yaada fi hubannoo nuti waa'ee waan sirrii ta'ee fi sirrii hin taane, waa'ee duudha keenyaa, waa'ee wantoota ta'uu qabani fi ta'uu hin qabne ilaalcha nuti qabnu kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf, mucaa keenya isa tokkoon yoo ati hin nyaattu ta'e abaluufan kennaa jenna. Sannuu mucaa akkas ittiin jedhamee keessatti waan uumamu, an nyaata kanan nyaadhu akka namni biraan na duraa hin fudhanneef dha. Nyaata koo irraa eenyuuf hiruu hin qabu, ofii kooti duguugee nyaadhee fiixuun qaba" kan jedhu ta'a. Yookan immoo, " yoo ati hin nyaattu ta'e, umumuun sitti waama, namicha gurra nama irraa

kutun sitti waama” jenna. Mucaan kun kan inni nyaata nyaatu wantoota jedhaman kana soda qofa akka ta’u beekamaadha.

5.Maddawwan Sirnoota Irratti Hunda’an:isaan kun gochaawwan tokko tokko raawwachuu dalagaalee geggeeffaman irraa kan maddu ta’a.Fakkeenyaaf, yeroo cuuphaa geggeessuu, yeroo bandiraa fannifamuu fi gad-bu’u, bakka jiran dhaabbachuu, dubartiin yeroo deessu horii qaluu, haaduu mataa duraa kaawwataniif rafuu, cidhi aadaa baay’ee keessa kan amaleeffamee fi adeemsa sirnaawwaa ta’een karaa ergaa ittiin dabarsinu dha.

6. Maddawwan Hawwaasummaa: akkaataa sabichi maddawwan armaan olitti caqasaman itti fudhatu. Amalli sabichi ta’e sabicha irratti dhiibbaa uuma. As irratti kan xiyyeeffannaa itti kennuu qabnu, kana irraas wanti nuti hubannu aadaan keenya aadaan keessatti guddanne ilaalcha nuti addunyaaf qabnu kan murteessu ta’uu isaa ti. As irratti aadaa yeroo jennu kan inni of keessatti qabatu ta’a. Fakkeenyaaf, Abaluu attam bulte”? Attam bultan”? kan jedhaman gidduu garaagarummaa guddaa tu jira.

Egaan, kanneen armaan olii maddawwan ilaalcha nuti addunyaaf qabnuu ta’u kanatti fufnee ilaalchawwan addunyaa kanneen gurguddoo fi ilaalchawwan gita addunyaatti biyya lafaa guutummaatti duuka-buutoota kan qaban kan ilaallu ta’a.

1.3 Gosawwan Ilaalcha Addunyaa

Ibsa Sakattaa Gosoota Ilaalcha Addunyaa salgan

Kutaa kana keessatti, gosootni ilaalchaa addunyaa nuti ilaallu sagal ta'u . Kana jechuun gosootni isaanii sagal qofa jechuu osoo hin taane, isaan keessaa kanneen gurgurdoo ta'an jechuudha. Itti dabaluuudhaanis, isaan kun gaaffilee jiran hundaaf deebii adda addaa kennu jechuu osoo hin taane, faalsumabu'uura qaban irratti adda addummaa waan qabaniif salganuu isaanii kutaa kana keessatti ilaaluun barbaachisaa ta'ee argameera.

1.3.1 Kiristaanota warra Waaqayyo jira jedhan (Christan Theism).

inni kun ilaalcha addunyaa gosa isa jalqabaa yemmuu ta'u saboota jiran keessaa harka caalaa biratti bal'inaan kan beekamuu fi namootni baay'een kan ittiin ijaaraman dha. Ilaalcha addunyaa gosa kana jalqaba irratti akka ilaallu kan barbaachiseef kiristaana waan taaneef ilaalcha addunyaa gosa kanaa haaraa kan nutti ta'u waan hin taaneef dha. Barsiisni (Barannoon) ilaalcha addunyaa gosa kanaa gurguddoon kanneen armaan gaditti dhiyaatan dha.

A .Wantoota nuti ija keenyaan agarruus ta'e, wantoota nuti ija keenyaan hin argine mara kan uume (Maddi isaanii) Waaqayyo waan ta'eef, bu'uurri isaas isuma Waaqayyoo dha. Inni waaqa ol-fagoo jiru waaqa nutti dhihoo jiruudha. Inni waaqa hundaa danda'uu fi waaqa gaarii dha. (Amantii Isilaammaa) keessatti waaqa ol-fagoo qofa akka ta'etti beekama.

B .Waaqayyoo addunyaa kana seera umaman (ka'umsa fi firii) kan uume yemmuu ta'u, yeroo barbaadetti haala dinqisiisaa ta'een gidduu galuu haala danda'uun addunyaan uumame jedha.

C.Dhalli namaa bifa Waaqayyoon kan uumamedha. Kanaafuu, eenyummaa dhuunfaa isaa dandeetti yaaduu, sirna naamusaa qabaachuu fi dandeetti waa uumuu qaba.

D.Dhalli namaa yeroo du'u Waaqayyoo wajjin barabaraan jiraata.Yookan barabaraan Waaqayyoo irraa adda ba'a.

E.Amala Waaqayyoo irratti hundaa'uudhaan hamaa fi gaarii adda baafanne.

F.Seenaan dhala namaa sarara sirrii irra kan deemuu fi xumura irratti haala karoorri Waaqayyoo irratti raawwatudha.

Kutaa kana keessatti kan nuti ilaalle, ilaalcha addunyaa ittiin ibsan kan kiristaanaa ilaalcha Waaqayyoo jira jedhu dha. Haa ta'u malee, ilaalcha Waaqayyoo jira jedhu qabaachaa kutaaleen amantiin hubannoo dursaa ilaalcha Waaqayyoo jira jedhu wajjin hin deemne kan qaban jiru.

Isaanis: amantii Yihudummaa fi Isilaamummaa warra Waaqayyoo jira jedhan dha. Haa ta'u malee, isaan kana kutaalee biroo keessatti kanilaalluu ta'a

1.3.2 Amatiwwan Aadaa kan Afriikaa

Inni kun bal'inaan saba Afriikaa keessa jiran biratti kan beekamuu fi ilaalcha addunyaa baayyooliin ittiin guddatan dha. Ilaalchi addunyaa ittiin ibsan namootni beekanis ta'e, osoo hin beekin,kan calaqisiisan akka ta'e duraan dursinee ilaaluuf akka yaalle, dhiibbaan ilaalchi addunyaa Afriikaa keessa jiru

guddaa waan ta'eef bal'inaan ilaaluun barbaachisaa ta'eera. Ilaalchi addunyaa amantiiwwaan aadaa kan Afriikaa gabaabinatti yaadolee armaan gadii kan calaqisiisan dha. Isaanis:

1. Addunyaan guutummaa guutuutti hafuurota gosa adda addaa fi amaloota adda addaa qabaniin kan guuteedha. Isaan kana keessaa ol fagoo kan jiru kan caalu oogganaa kan ta'e "Waaqa samii" kan ta'e jira. Inni uumama hundaaf bu'uura ol fagoo waan ta'eef karaa hafuurota kanneen biroon ala bira ga'amuu hin danda'amu.
2. Hafuuraa fi wantoota ijaan ilaalaman harkaan qaqqabataman gidduu garaa garummaan hin jiru. Kanaafuu, wantootni jireenya dhala nama irra gahan martinuu ka'umsi isaanii rakkoo hafuuraati. Adurree guraattiin, saree gurrattiin, yoo isin qaxaamurte, carraa kootu carraa gadheedha.
3. Addunyaa kana waaqa samii fi hafuurota kanatu uume. Dhalli namaa "Tajaajila" waaqa samii fi tajaajilahafuurota hamoo fi hafuurota gaariiti.
4. Dhalli namaa yeroo du'u hafuuraa isaatiin "akaakayyuun" gara dhaloota isaatti deebi'ee dhufee isaan kan daawwatu ta'a. (abjuudhaan gara isaanii deebi'anii dhufanii isaan daawwatu. Ajaja kennuuf karaa warra hafuurota hasofsiisanii immoo, qajeelfama isa caalu kennamaaf).
5. Nama tokko gaarummaa fi hammina isaa kanmurteessan hafuurota nama (sana) irratti aboo qaban dha. Kanaafuu, namni hafuurootni kun akka barbaadan kan itti xabatan dha. Namni gaarii ta'u yoo barbaade, hafuurota kanaaf aarsaa dhiyyeessuudhaan isaan sosobachuu qaba.

1.3.3 Uumaan uumama isaa irraa adda ba'ee jiraata (Deism)

Jechi “Deeyizim” jedhu jecha Laatini “De’uuz” jedhu irraa dhufe, jechii “De’uuz” jedhu hiikni isaa “Waaqayyoo” jechuudha.

Ka’umsa ilaalcha kanaa

Ilaalcha addunyaa ittiin ibsan barichaa (Saayinsiis dabalatee) kan olaantummaan to’atee waldaa Kaatoolikii Roomaa turte. Maartiin Luuter Haaromsa geggeesse keessatti barumsa dogoggooraa waldaa Kaatoolikii Roomaa akkasumas, dogoggora hiika Kakuu Haaraa Latin Vulget Irasmas hojjete Saaxile. Kun immoo, waluma gala, rakkoo/ balleessaa naannoo aboo waldaa kiristaanaa jiru saaxila. Kana itti dabalee, waldaan Kaatoolikii Rooman gaaffii isheen waa’ee aduu illachisee gaafachu jalqabde, sochiin Koppelniikes loojikii karaa dhugaa ittiin argatan jedhee isa moggaase ‘waraaqsa indaastrii’ argamsiise. Kana malees, beektotni waa’ee (dubbii) Waaqayyoo qoratan dhimmoota xixiqqaa waa’ee Waaqayyoo irratti illee walii galuu dadhabuu isaanii irraan kan ka’e, falmiin, wal ajjeechaan baaya’chaa dhufe. Kana irraan kan ka’e, ilaalcha kanneen warra armaan gadii mamulachuu jalqabe. Isaanis:

- 1) Waan hundaaf jalqaba kanta’e Waaqayyoo dha. Haa ta’u malee, adeemsa seera uumamaan akka isheen sochootuuf ishee dhiiseera. Waaqayyoo ol fagoo, hundaa danda’aa fi gaarii dha. Waa’ee Waaqayyoo kan nuti beekuu dandeenyu uumama qu’achuudhaan dha.
- 2) Waaqayyoo addunyaa kana guutummaa ishee uumee seera uumamamaan akka isheen sosochootuuf ishee dhiisee irraa adda ba’eera. Kana irraan kan

ka'e, addunyaan kun dinqiin keessatti raawwachuu kan hin dandeenye addunyaa cufamte dha.

- 3) Dhalli namaa akka fakkeenya waaqayyootti kan uuman yoo ta'e illee maashinoota seera uumamaan hojjetan dha.
- 4) Dhalli namaa yeroo du'u jiraachuun isaa ni hafa. Karaa biraa immoo, itti fufee jiraata ilaalcha jedhu kan qabanis jiru.
- 5) Dhalli namaa karaa loojikii ta'een hamaa fi gaarii adda baasanii ni hubatu.
- 6) Seeraan karaa sirrii irraa adeema. Sababiin isaas, adeemsi addunyaa kanaa yeroo isheen uumamte waan murtaa'eef (akkuma namni saa'atii hojjete akkaataa isheen itti naannoftu murteesse sirreessee kaa'u jechuudha).

Deeyizimiin hanqinaalee attamii qaba?

Hamminni biyya lafaa kana irra jiru ka'umsi isaa maal? Kanaaf, deebiin nuuf hin kennamu!

Dhalli namaa maashinii kanuma kan darbee hin jiru jedhamu dha. Deebii gahaa hin qaban. Dimshaashaatti, Waaqayyoo waan tokko hojjete: addunyaa kanaa fi dhala namaa uumuu qofa. Erga akkas ta'e booda, ilaalcha addunyaa ittiin isaan barbaachisummaa Waaqayyoo gaaffii keessa kan galchu dhufe.

1.3.4 Naturalism: ilaalcha uumamamaa qabaachu. Ilaalcha kanaaf ka'umsa kan ta'an sababootni adda addaa keessaa kanneen gurguddoon warra armaan gadii ta'u:

- ✓ Waaqayyoon ala uumamni akkaataa attamiin akka dhufan ibsa. Daar kenne (1859 on the Origin of the species).
- ✓ Kaar (Maarkis Koomuniizim)

✓ Segman Firuud (Liibiidoo)

Waluma gala, ilaalcha uumamaa barsiisni bu'uura falaasamni qabu kanneen armaan gadii ta'u.

1. Kan jiru kan turee fi kan jiru wanta ijaan argan harkaan qaqqaban (materials) dha. Waaqayyoo hin jiru.
2. Addunyaan kun adeemsa cufaa ta'e keessatti haala dhaabbataa fi karaa saayinsaawwaa ta'een argamuu kan danda'u waliin ta'insa /tokkummaa sababaa fi frii yookan ka'umsaa fi bu'aa (seera uumamaa)ti.
3. Dhalli namaa maashinii wal xaxaadha.maalummaa namummaa isaa hanga amaatti hubachuu kan nuti hin dandeenye tokkummaa keemikaalaa fi amala qaamaati dhalli namaa kan haala amma irra jiru kana gahe adeemsa suutaa keessa darbee tu (cuulution).

4. Duuti eenyummaan jireenyi dhuunfaan kan itti baduudha. (du'a booda jireenyi hin jiru).

5 dhala namaa qofa wajjin kan adeemudha.

6 Seenaan walitti dhufeenya sababaaf ta'e dhaabbataan kan ta'e dha;kaayyoo dimshaashaa garuu hin qabu.

Sababa ilaalcha kanaa irraan kan ka'e, addunyaa keenya kana keessatti shaakalli adda addaa nama rifachiisuu fi yaadessoo ta'an mumul'achuu jalqabaniiru. Isaan kun akka firii ilaalchaa kanatti fudhatamu.

Isaanis:

❖ Play boy (Sigman Feraud) and Maxisizim.

❖ Ulfa baasuu

- ❖ Mirga beeladootaa
- ❖ Deeggarsaan of ajjeessuu
- ❖ Saal-quunnamntii saal-tokkee

1.3.5 Nihilism (Duwwaa ta'uu): ilaalchi kun ilaalcha uumamamaa (Naturalism) isa xumuraa jedhamuun beekama. Sababiin isaas, ilaalchi uumaamaa kan inni ittiin xumuramu kan inni fidu yaada jireenyi tasaa gatii kan hin qabne fi hiika kan hin qabne jedhamutti nama geessa.

Inni kun ilaalcha jarreen yaada kan deggeraniiti. Jechi Nihilisin jedhu kan inni argame jecha afaan Laatinii Nihilo jedhu irraa yemmuu ta'u, duwwaa, homtu, kan keessa hin jirre kan jedhu irraa ti. Yaadni akkasii Macaafa Qulqulluu keenya keessa waan jiru fakkaata. Barreessaan Macaafa Makbab, wanti hundumtuu waa'ee hin baasu jechuun daddabalee dubbata. (Mac Lal 1:2; 11:18). Namootni yaada kana fudhatanii ka'an Macaafni Qulqulluun yaada kanatti amana jedhanii dubbatu. Dhugaatti yoo ilaalle, Macaafni Qulqulluun kan inni waa'ee hin baasuu jedhu jireenya Waaqayyoon ala ta'ee ti.

Haa ta'u amlee, hordoftoonni yaada kanaa, jireenyii homaa waa'ee hin baasu; dhiphinaaf uumame kan jedhu yaada qabu.

Biyya lafaa kana keessaa homtuu kan hiika kennu hin jiru; wanti hundinuu xumura irratti kan hiika hin qabne, kan waa'ee hin baafne ta'uun goolabama jedhu.

1.3.6 Existentialism (jirraattuummaa) jirattummaa (Existentialism) jechuun kan jiru. Kan argamu, kan harkaan qaqqabatamu jechuudha.

Ilaalchi kun ilaalcha biyya lafaa gidduu galeessaa godhatedha. Ilaalchi kun akka inni gabbatu, bal'atuuf gahee ol'aanaa qaba kan jedhaman namoota lama (2) jiru. Isaanis: nama lamaani Denmark, Soran Kirkigard (1813-1855) jedhamuu fi Fredrik Neche kan jedhamu Jaarraa 18ffaa keessaa falaasamaan beekama nama turedha.

Kirkigard yaada kana akka baba'llisuu kan karaa baneef jireenyi Kiristanummaa qabbana'aa dhufuu isaa fi kiristaanotni kan isaan dubbatanii fi jireenyi isaan jiraachaa turan wal simuu dadhabuu isaa yeroo argachuu nama hundaaf gosa tokko miti yaada jedhuun sadarkaa kanatti akka dhufee amanama. Niche immoo, Waaqayyoo osoo jiraatee badin akkasii kun yeroo inni qaqqabu, murtoo qajeelaan dhibuu, hamminni k.k.f biyya lafaa irratti hin raawwatan turan. Kanaafuu, Waaqayyoo du'eera jechuudhaan ilaalcha kana akka ijaaree itti beekama. Ilaalchii jiraattummaa (Existentialism) bakka lamatti qoodamee ilaalama.

I .Wantoota jiranitti kanamanu Waaqayyotti kan hin amnne.

1. Biyyi Lafaa martinuu Wantoota gaggabatan (Materials). Dhalli namaa garuu Boca gosa lama qabu.

Mudaa malee fi mudan kan qabu (Perfetimist & unperfetimist)

2. Dhala namaa qofaadhaaf jiraattummaan (Existentialism) eenyummaa dursa kan ta'e

3. Namni tokko tokkoon isaa, uumama (eenyummaa) isaa fi xumura isaa murteessuu irratti mirga qaba.

4. Addunyaan ball'inatti hojjetamee fi walxaxaa ta'e kun dhala namaa fuldurattiargama. Hiika hin qabu; kan qabus hin fakkaatu.
5. Dhalli Namaa Addunyaa kun hiika akka isheen hin qabne beekke finciilee duudha kan ofii isaa uumuu qaba.

II. Wantoota jiranitti kan amanu namootni amantiin fi ilaalcha yaada adda adda akka qaban wantoota jiran uumamann ilaalchii kan wantoota jiran itti kan amanu ta'ee, itti dabalatanis amantiin adda addaa namootni qaban ilaalcha adda adda akka isaan qabaatan isaan taasiseera jedhanii amanu.

Gabaabumatti namootni kun haala armaan gadii calaqqisiisu. Isaanis:

- 1) Namootni uumama eenyummaa qaban dha. Eenyummaa isaanii kana isaa baran hubatan yeroo addunyaa karatti makaman dha. Kanaafuu, uumaan jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa hubachuu , beekuu dhiisuu danda'u.
Haa ta'u malee, jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa sababa dhiyyeessuun osoo hin taane amantiidhaan dubbachuu kan danda'an dha.
- 2) Namummaan waan kam irra iyyuu iddoo argachuu kan qabu dha.
- 3) Beekumsi nama dhuunfaan kan murtaa'uudha malee, beekumsi dimshaasha namootaa hundaa kan of keessatti qabatu kan ilaallatu jiraachuu hin danda'u. Kana malees, waa'een dhugaa kan wal nama falmasiisuudha. Sababiin isaas, namni tokko dhugaadha jedhee waan inni ta'u waan hin dandeenyeef dha.
- 4) Seenaan gabaasa taateewwanii ti. Kanaafuu, waan qabatamaa hin taanee fi waan hin barbaachifne ta'uu danda'a. Garuu immoo, dubbii

taatee keessa jiru waan ta'eef namootni irraa baruu ni danda'u. Egaan, garee ilaalcha kanaa caalmaatti hubachuudhaaf, yaada ilaalcha isaanii armaan gadii ilaaluun ni danda'ama. Jarreen kun Addaam fi Heewan jiraachuu isaanii hin amanan. Garuu, Museen Macaafa Seeraa uumamaa yeroo barreessee waa'ee Addaam fi Heewan sababi inni dubbateef oduu jettee jeteen daddarbaa dhufa. Dhugaa irratti kan hin hudoofne, namootni kana akka fakkeenyaatti fudhatani Waaqqayyoo wajjin akka jiraatan yaadeeti jedhu.

Haa ta'u malee, yeroo sana keessa Musee fi namootni inni geggeessaa ture qabatamaatti namoota ta'uu isaanii seenaan dhugaa ba'u waan jiruuf, isa kana shakkiii hin qaban.

1.3.7 Pantheistic Monism (Phaanteyiistik Monooyizm)

Ilaalchii adduunyaa ittiin ibsan kun isa guddaa (ijoo) fi gaaffilee bu'uura dhala namaa kanneen armaan olitti caqasaman sanaaf kan isaan deebisan kanneen armaan gadii ta'u.

1. Luboonni tokko tokko nama lubbuu namoota addunyaa hundaati.
2. Wantootni tokko tokko wantoota biroo ni caalu.
3. Baayyootiin gara isa tokkotti qajeelchu.
4. Namni tokko ofi isaatii addunyaa guutuu wajjin tokko akka ta'e hubachuun isaa jireenyaa dhuunfaa irra darbuu dha.
5. Namni tokko ofii isaatii addunyaa guutuu wajjin tokko akka ta'e hubachuun isaa hamminaa fi gaarummaa ol ta'uudha. Addunyaan yeroo kam iyyuu mudaa hin qabu.

6. Duti jireenyi nama tokko akka dhuunfaa isaatti raawwachuu isaati. Inni kun, hunduu jireenya eenyummaa (namummaa) nama tokko keessatti jijjiirama fiduu hin qabu.
7. Isa tokko wajjin tokko ta'uu keenyaa hubachuun yeroodhaan kan hin murtoofnee ta'uu keenyaa agrasiisa. Inni kun, dhugaa irratti kan hundaa'ee miti.

1.3.8.New Consciousness (sochii barichaa/bara haaraa)

Gosti ilaalcha addunyaa sochii bara haaraa jedhamu yaadolee armaan gadi kan calaqqisiisuu dha.

- ❖ Eenyummaa keenya uumama kamiin iyyuu haa qabaatu (yaada , yookaan wanta qaqqabatamu) gudunfaa isaa anumaadha.
Dhugaa isa guddaa namootni sammun yeroo guddaan dhugaa kana simachuu yeroo jaqalaban dhalli namaa uumamaa eenyummaa isaan gargaara jijjiirama irra gaha yeroo ammaa kana illee dhala namaa isaa jijjiiramee fi firii sochii baricha haaraa argaa jira
- ❖ Addunyaa guutuun anuma keessaa yoo dhokatee iyyuu, ofii isaa bifa lamaan mul'isa. Addunyaan isheen ijaan argamtu kun dammaqina sammun kan arginu ta'ee, inni lammaffaan immoo, sadarkaa damaqina addaan kan arginudha.
- ❖ Shaakallii guddaan barichaa haaraa dammaqina addunyaa guutuu yeroo isa jedhamu yeroo ta'u, kana jechuun bakki yeroo fi naamusni kan keessa hin jirre ta'a.

- ❖ Duuti qaama anumaan kan itti raawwatu miti; shaakala dammaqinaan gita addunyaa keessatti sodaan du'aa badeera.

1.3.9. Postmodernism

Lollii nuti addunyaa kan irratti arginu lolayaadaa ti gara garummaan ta'e, gara hamminaatti, biyyaa lafaa kana sochiin jijjiire yaadan dha.

Egaan yaadni akkasi yeroo guddatu amala, shaakala, gochaatti jijjiiramee addunyaa jijjiira.

Namni qo'annoo geggeessaan namni maqaan isaanii Joorjii Biraannaajedhamu kiristaanota Ameerikaa keessa jiran keessaa dhibbantaan saddeettamni (80%) kan ta'an yaadni post moodernizmin ibsuuf karaa isa guddaa isa ta'e rileetiniism akka fudhatan dubbataniiru.

Post- mooderniizimiin akkuma kanaati. Samii irraa kan gadi bu'e yookan akka tasaa kan mul'ate miti.

Bara keessaa yaada namaa keessatti kan dhalate dha. Waa hundaafuu ilaalchi kun mal akka ta'e gadfageenyaan hubachuuf haala attamiin sadarkaa kana irra akka ga'e itti fufnee haa ilaallu.

1.3.9.1 Warra Ginoostiik jedhamanii fi ergamaa Yohaannis

Waldaan Kiristaanaa seenaa dabarsite keessatti yaada falaasuma yeroo adda adda ka'aa ture keessatti sukkuumamtee as geese.

Waldaan jaqabamtee daaddee irra osoo isheen jirtuu qorumsa isa jalqabaa kan isheetti ta'e falaasumaa Giriikii ture. Falaasumaan kun bifa adda addaan kan of ibsu ture.

Yaadni falaasama warra Ginoostikiyyoonni (inni guddatee mul'atu) xuraa'aa ta'uu isaa, Hafuuraan Qullaa'uu yaada jedhuu kan afarsu ture. Kana irraan kan ka'e, Kiristoos foon huffatee dhufuun isaa waan hin yaalamnedha kan jedhudha.

Waldaan Kiristaanaa garuu loltuu jajjaboo kanneen akka ergamaa Yohannis waan qabduuf bara qorumsaa sana keessa darbiteetti isaan kun Kiristoos fooniin mul'achuu isaa kan hin amanneedha. Dubbiin Waaqqayyoo garuu, Kiristoos fooniin mul'achuu isaa kan hin amanne,inni hin fayyineen jedha. (Firii barreeffama warraa Ginooshi kii gara boddanaa kan ta'an Wangeelli baarnaabaas, waangelli Maariyaam ishee Maqdallaa fi Wangeellii Filiiphoos hanga yoonatti waldaatti warraansa ta'anii jiru).

Qilleensi bar asana keessa qilleensa'e Loogikii yaada Artootilture Aristootil dimshaashumaatti nama faalaasummaan ol'aanaa, beekaa akka ture beekamaadha .Gi'oomeetrii fi Loogikiin harka isaa keessa turan. Eyyee baay'inni ilkaan ijoollee durbaa, kan warra dhiiraa gadi jedhuun tilmaamaa dubbateera. Namni kun bar sana keessa falaasamaann biyya lafaa irratti ol'aanaa ture.

Yeroo sana keessa namootni falaasummaa hordofan yeroo hundaa kan isaan dubbatan falaasama Aristootil akka ta'e barreeffamee jira. Yeroo kana keessa

waldaan Kiristaanaa yaada falasaama kanaa irraan kan ka'e, rakkoo guddaa keessa akka galtetti beekama.

Yeroo kana keessa Waaqqayyoo nama yaada falaasama kan fi yaada Kiristaanummaa walitti araarsuu nama maqaan isaa Toomaas Akkuweenos jedhamu kaase.

Akkuweenos, seenaa waldaa Kiristaanaa keessatti dinqii kan jechisiisu Macaafaa mata-dureen isaa “ Summaa Tiwooloojikkaa” jedhamu barreessan. (waa'ee kitaabaa kanaa gara booda keessa “ waan Waaqqayyoo natti m,ul'isee wajjin yeroo waliin madalamu kun homaa miti “jechuun yaada kennaniiru). Yeroo sana keessa waldaan yeroo falaasama isaa sana fudhatee gara xumuraa irratti falaasota warra akka Koppelniikes fi Galiiliyoo faa wajjin falmii “fudhuu hin fudhadhu” keessatti barumsa wiirtuun addunyaa (Center of Solar System) lafa jedhu fudhachuun ishee beekamaadha.

1.3.9.2 Luuter fi Bara Eebbaa

Seenaan gara fuula duraatti adeemsa isaa itti fufee “Ejji Waldaa Kiristaanaa fiixeetti ba'e .”Wladaan Kiristaana aboo bulchiinsaa Mootummaanis ta'e, Aboo Waldaan Kiristaanaan machoofta. Mootii Biyyaa Bulchukan muudus, kan gad buusuu, nama fayyu, nama hin fayyine akkaataa fayyuus dabalatee kan murteessu ishuma ta'e “hori isin kennitan yeroo isheen korojoo horii itti sassaban keessa buutu, “Lubbuu isin jaallattan” bakka waamatu irraa gara Jannataatti galti” jechuun Lallabde, Lallabsiftee. Kennaa hiyyeeyyiin afaan isaanii irraa buusanii kennaniin gamoowwan ijaan ilaaluuf nama shakkisiisu, gamoowwan babbareedoo ijaaruutti kaate.

Yeroo kana keessa “Gochi keessan kun sirrii miti, karaa irraa ceetaniittu, karaatti deebiaa,” nama jedhu Waaqqayyoo Moniksee tokko kaase. Dhugaan beekamu qabu tokko namni kun kan inni moniksee ta’e sodaa irraan kan ka’eture. Namni kun bakakkaa sodaata ture. Waaqqayyoo kanatti gargaaramee gara waldaa akka inni dhufu taasis.

Namni kun gara waldaa dhufee dhoksa ishee arge .Lapheen isaa itti mada’ee “Jaartii” qabeenyaa biyya lafaan hidhamte, lolaan machoofttee arge. Namni kun Kiristoos kan inni kaadhimmate, kan inni ishee fudhachuuf dhufu, misirroodha malee, jaartii miti jedhe. Kana irraan kan ka’e, namni kun yaada mormii qabxii 95 qabu barreessee balbala waldaatti maxxansee waraqaan dargaaggo beekaa ol’aanaa kanaan barreeffamtee balbala waldaa irratti maxxanfamtee seenaa keessatti haaromsaa waldaaf ka’umsa taate.

“Soolaa Iskiripturaa; Soolaa Giraasiyaa (Fayy’inni amantiin, ayyaana isaan” Room 1:7) jette. Faarrfattee, faarfachiifte; haaromsite. Waldaan kiristaanaas, hafuura baricha irraa boqotte.

1.3.9.3 Beektoota Jarmanii warra waa’ee Waaqqayyoo qu’atan fi Kaarlbaart

Jarman, isheen Martin Luuteriin horatte, yaada falaasamaa Inlaayitment (Enlightenment) wanti hunduu yaaduudhaan hiika argata kan jedhu keessa kan isheen galte, biyyoottan ollaa ishee jiran booda ture. Biyyootni kanneen akka Faransaay Deekaartiin jalqabameera isa jedhamu falaasama Loojikii kan isheen fudhatte warra biroo booda.

Haa tau malee, Waldaa irratti xiyyaa ishee kaasuuf kan isheen qixxaatu hin turre. (Mucaan tajaajila yeroo karaa jireenyaa irraa badu daangaa hin qabu

akkuma jedhamu, jechuudha). Macaafa Qulqullu “yaada sirreessuu”jedhuun akka hin jirre godhan.Durba irraa dhalachuu Gooftaa, Fannifamuu, du’aa ka’uun isaa, qixa saayinsiin yookan, qixa Loojikiin yeroo madalaman ulaagaalee kaa’aman keessa darbuu waan hin dandeenyeef, seenaa waldaa diiguu, dhoqqee itti dibuu eegalan.Achuma biyyqa loltuu jabaan, Loltuun amantii Kiristaanummaa, biyyaa itti dhalate keessatti Macaafni Qulqulluun dubbii sagalee Waaqayyoo ti jechuun akka maraatummaatti lakkaa’ame.

Ijoolleen ishee warri harma ishee hodhanii guddatan waldaatti deebi’anii harma ishee ciminaan.

Ibsi Macaafa Qulqulluu isaan barreessan (Commentary), fooliin isaanii,foolii barichaa kan qabu ta’e. Durba irraa dhalachuun Yasuus, dinqiwwaan adda addaa inni hojjechaa ture, du’aa ka’uun isaa “oduu Jaarsoolii”, oduu durii jedhamee,haalaa Waaqayyoon faallaa ta’een, dhalli namaa wiirtuu uumamaa ta’e; safartuu /madaallii dhugaa ulaagaa gammachuu, madda badhaadhina, ergama nagaa jedhamee.

Waaqqayyoo immoo,du’eera jedhame.Yeroo kana keessa, Waaqayyoo namni inni kaasee, achuma Jarman nama barumsaan adeeme, nama gabaabaa, huqqataan, nama mataan isaa moluu tokko ture.Namni kun, hafuura barichaa wajjin walitti araaramuuf yaalii taasiee keessatti fudhatamuufii dide. Kanaafuu,akkuma Daaawwit,yaada isa namaaf itti bu’uu hin danda’amu fakkaatu , akkuma fuurrisaan kerkerse. Kitaabooleen “ Church Dogmatics” jedhaman, ulee hafuuraa barricha irratti ol fudhataman turan.

1.3.9.4 Lola addunyaa isa lammaffaa fi bara Loojikii

Daawwit furrisa isaa irratti ol-haa fudhatu iyyuu malee, Gooliyaad nama salaphaatti harka kennu hin turre. Kannen isa bobbaasan kanneen biroon deggaramaa, siyaasa, amantii, meeshaalee sub-quunnamtii suuta suuta cabsee seene. Addunyaa guutuun dhalli nama gara fooyy'aa ta'etti adeemee, biyya lafaa kana Jannata ishee taasisa jechuun raajuu jalqabee. Sirbi, faarfannaan, qilleensii martinuu, fooliin isaa abdi abdi urgaa'uu jalqabe. Dhalli namaa cubbuutti kufaatiin isaa illee irraanfata. Dhallii namaa barumsa sirrii ta'e yoo argate, sammuu isa keessa jiru (potential) eessattuu kan hin argammedha jedhame.

Geggeessummaa saayinsiitiin, Loojikii akka meeshaatti gargaaramuudhaan, gufuun nuti hin buqqifne, wanti nuti hin kuffifne hin jiru jedhame. Haa ta'u malee, lolli addunyaa inni jalqabaa dhallii namaa bakka inni sillim jedhee keessaa isa dammakse. Edaa dhalli namaa Wangoo gogaa hoolaa huffate dha!. Edaa hamaan (cubbuun)jira. Beekumsa karaa saayinsi fi karaa Loogikii argate itti gargaarumuun meeshaa hojjeteen wal fixe, Addunyaan machii keessa galtee lubbuun namoota miliyoonatti lakkaa'amu darbe.

Addunyaan gar-tokke iyyuu haa ta'u malee, machii keessa galtee keessa dammaqxee abdiin koo eessaa naa dhufaa? jechuujaqabde. Namni tokko tokkoon isaa addunyaan Waaqqayyo keessa hin jirree hangam hama akka ta'e hubatee. Walakkaan isaanii garuu, akkuma abdi kutatanitti hafan. Waldaa kiristaanaas, saayinsiis, beektota/qu'attootas nuti hund keessan hin amannu jedhan. Egaan, raacitiin poost-mooderniizimii bara sana keessatti argama.

1.3.9.5 Itiyoophiyaa fi Hafuura Barichaa

Biyyi keenya biyyoottan addunyaa irraa adda baate fakkaatte yoo turte iyyuu akka sanatti baay'ee itti fuftee hin adeemne, waaqqayyoon achii qabnee, Cunqursaa balleesinee, qotee-bulaa abbaa lafaa taasifne, saamitichaa balleessinee birmadumaasi baafna kan jedhan ijoolleen barumsa Sooviyet irraa waraaban fannifataniis isheedhaaf ka'an. "Amantiin summii sammuu namaa hadoochuu dha. Meeshaa namootni warri saamtuun itti gargaaram dha" jedhame.

Namni martinuu "Attam bulte?" yoo jedhame, "Ni moona!" Itoophiyaan haa dursitu!" jechuu eegale dhalootni abdiin ka'e sun warri saamtuun Voolsi ishee saba cunqurfamaa sibiila fi aboo qabatn, Itiyoophiyaanis Waaqqayyoo darbeef fakkaatte. Waaqqayyoo garuu, haala kana keessalola riphee itti bane. Waaqqayyoo "An Daljeessa miti" jechuun faarfate; ni dhiige. Ilaalchi Soshaalizimii lafa qotee bulaaf kennuun dhaadannoo hedduu barreessisi saba huffata bifni halluun wal fakkaatu, nyaata wal fakkaatu, sooruun Waaqqayyoon dhabamsiisuun; waldaa kiristaanaa cufuun waan milk itti fakkaatte; yeroo kana keessa akkas jedhamee faarfatame. Yesanaaficu'an qinyaat bizaraat; Geetaa bamiidir inditti baza; Yaa gulbatanyaa maxtoo raggaxaati; Yemmaatti baqil masilaaw fazaazaa; Gin altesaakkam amalxaa waxxaachi; Hedechi addegechi; Geeta yimmasgen dinbaruwaa saffaa; Ladakaakemuuti maxxalayaa honochi. Warraaqsii gammoojji daddabitti keessatti shuguxii caccabaa jahaan jalqabame, sirna" Waaqqayyoo hin jiru" jedhe, isa barbarian jiraatu fakkaachaa ture sana galagalchite. Haa ta'u malee,

warri isheen Sooshaalizimii irraa dhalte, jireenya nama samii ta’u isheen faranjoota irraa dhalte, balballi biyyatti bal’atee banamuun isaa humna ishee dhabsiisee.

Akkuma dargaggo saafilaa, yaada faranjii irraa dhufe dhagahuu, dubbisuu, hojjechuu jaqabde. Waldaan ijoollee xinnaa irratti Bilisummaan ,Mooderniitiin, Pheenxeeqostummaan, kaarismaatii kuma sochiin amantii, Kuweest Biizinees Neetwoork, yaada namaatiin qabamuu, lallaaba jamaa, koonfiraansii kiruusedii, seeraa facaasuu fi haamuu, kitaabollee Keneet Heyigen, kitaaboolee Maayilsi Monroo, Ergamootaa muuduu, dibata ergamoota irratti wal-furan Moodernizimiz, Poost-mooderniitiiniz yeroo tokko wal faana itti seenanii akka mucaa hufannaa abbaasaa huffatee humnadhabsiisan. Garuu, kuno seenaan Waaqqayyoo keessa jiru har’aan nu gahe. Har’as maaltu ta’a laata?

1.3.9.6 Poost Mooderniizimiin Maal inni?

Poost-moodernizinin qu’annaan kan bira ga’amu osoo hin taane, osoo namni hin hubatiin yaada namaa fi sammuu nama kan to’atu dha. Akkuma qurxummiin kiyyoo ittiin qabamtu hin beekne, akkuma kana, namni kam illee Poost-modernii jaladheen fedha kootii hordofe jechuu hin danda’u. Poost-moodernizimiin akkuma utaalloo, osoo namni of irratti hin beekin (hin hubatin) mallattoo isaan kan mul’atu dha. Kun dhukkuba dargaggootaati jedhamee yaadama. Haa ta’u malee, inni kun kutaa hawaasaa kam iyyuu kan miidhu danda’u fi kan miidheedha. Kanaafuu namni mallattoon Poost-moodernizimii isa irra jiru ofii isaa sakatta’uu qaba.

Haa ta’u malee,poost-moodernizimiin hiikni isa akkas jedhee hiika kan itti kennu, ana kan jedhu eenyu iyyuu hin yaalu.Yaaliin akksii akka qilleensa harka ofii keessatti qabachuuti. Qilleensa harka keenya keessatti qabaachuu hin dandeenyu yoo ta’e iyyuu, waan qilleensi geesisu gaaris ta’e, badii ilaallee ”Qilleensi akkas” jechuu ni dandeenya.

Mukeetii yaartuu magaalaa keenya keessatti hafanii jiran ni sosochoosa fooliin jibbisiisaa kosii naannoo irra gara mana keenyaatti fida.Awwaara nutti kaasuudhaan huffata keenya isa bareedaa nu jalaa balleessa. Wantoota adda addaa qilleensi jireenya keenya keessatti gummacha; gaaris ta’e gadhee waa hedduu jechuu ni dandeenya.

Egaan dimshaashaatti kaa’uudhaaf, Poost-mooderniizim jechuun ilaalcha jabanummaa,haaraa, ilaalcha baricha dhufe jechuudha. Mooderniizimiin karaa saayinsii fi karaa loojiikii sirriidha jedhee kan falmu yemmuu ta’u, Poost-mooderniizimiin garuu, dhaloota ta’e, abbaa aboo “deemi, badi!” kan jedhedha. Poost-moodernizimiin,bifa inni ittiin mul’atu kanneen armaan gadii ta’u. Isaanis:-

“Dhugaa qabatamaa/Dhugaa dhaabbataa (objective truth) wanti jedhamu hin jiru” kan jechu Akka yaada hordoftoota kanaatti, namni dhugaa qabu aboo qaba. Karaa Saayinsiis ta’e, karaa amantii, an dhugaa qaba, dhugaa argadhe namni jedhu inni aboo ni qabaata.Kanaafuu, aboo isaa wajjin wal-loluu irra bu’uura isaa diiguu filatu. Kanaafuu, dhugaa dhaabbata/dhugaa hin jijjiiramne kan jedhu hin jiru.Jaallannees, jibbinees, amannees amanuu dhiifnees, dhugaan bakka hundaatti hin argamu. Waan hundaaf kan hojjetu, iddoo isaatti kan argamu

hin jiru. Tokko tokkoon keenya dhugaa kan ofii keenyaa qabna. Hundumti keenya akka aadaa keenyaatti, akka biyya keenyaatti fi akka saba keenyaatti dhugaa uumama. Dhugaan Waaqqayyoo biraa kan mul'ate miti. Tarii akka tasaa namni "An dhugaadha" (Yoh 14:6) jedhu, inni maraatuudha. Qullaa buuseera,yookan ,Albert Moolar "Waaqayyo dhugaa mul'iseera gaheen keenya dhugaa wajjin walii galuudha" jedhee nutti himuuf yaale.

Namni akkasii kun, jechi isaa jecha yeroon irra darbe, jecha boodatti hafaadha.Kana jechuun maal jechuudha?Fakkeenyaaf wajjin keessaa meeshaa fuudhanii ba'uyeroo sa'atii biro dhimma dhuunfaa ofii raawwachuu, Balaaf Saaxilamuu irra sobu. K.k.f.

1. Dhugaa dhaabbataa fi sobni yeroo yerootti kan jijjiiramandha.

Dhugaa qabatamaan yeroo hunda jiraatu, mudaa kan hin qabne bakka hundaa fidogoggorri jiraachuu hin danda'an.Waan ati dogoggora jettee fudhatte, anaaf sirrii ta'uu danda'a;waan ati soba jettee fudhattu, anaaf immoo "Safuu ! Attam dhugaa dha!" na jechisiisuu danda'a. Asi irratti bara kana amanuun waan faayidaa qabu miti.Kanneen kaleessa shororkeessituu turan, har'a isaantu Gootadha.Itiyoophiyaan, Somaalee irratti islaanic paarlaaymantii lolaa turte.Garuu, buufata xiyyaaraa irratti Sheek Huseen Prezidaantii Somaalee hin simannee?Wayyaaneen fakkii gaanfaa fi gurrra itti uumanii shororkeessituu jedham turte. Mootummaa ta'ee maqaan moggaafameef.Kanaafuu,"Badaa ol fuutee muka irraa hin kaa'in". Wanti ati dhagaa jennu kun waan hin qabamne waan akka Saamunaa harkaa namaa keessaa mucucaattuuti.Wantoota har'a ati dhugaadha jettee fudhattu ,bor soba jechuu dandeessa.

2. Poost-mooderbiizimiin yaada ilaalcha Moodernizimiin bakka bu'eera barichi Moodernizimiin Loojikiin fi Saayinsiin kan keessatti mo'anidha. Barichi namootni dhugaa beekna jedhan aboo qabatanii akka barbaadan itti kan bulchan dha. Maal irre maal nuuf uuman? "Dimookraasii yoo fudhattan, murtoo qajeelaa argattu" nuun jedhan. Murtoo qajeela jedhamee meerreree? Kunoo akkuma argaa jirru, isa tokko meeshaa hidheechiisuudhaan wal nu ficisiisaa jiru. Badhaadhoota isin taasifna nuun jedhanii garuu,soorressootni caalmaattisooroman, hiyyeessii caalmaatti akka hiyyooman gochaa jiru. Attam! Mucaan sooressaa fi mucaan hiyyeessaa! Jecha oduu durii keessatti beekamu isuma isaan keessa ture sana har'as itti jiraachaa jiru. Mee, kunumtuu haa hafu. Fayaatti akka nuti hin jiraanneef illee, fayyaa nu haa dhowwatani!

EDSI faabrikaatti hoomishanii nuuf haa raabsanii? Mee, kan biraanuu haa hafu.Amantii hoo?Isaan nagaa labsu. Isaan garuu, wal lolu; nuti akka nutti hin hanne, akka nuti wal hin lolle, labsaa ofii isaanii garuu, wal lolu, ni hatu.

3. Truth is relative dhugaan akka ati itti fudhatedha. Murteessaan ibsa kennu dha. Keessumattuu, karaa inni kun mul'atu naamusa jireenyaa keessatti "ni hatta, waliin dhooftas, ni eejjitas. Inni kun beekamaadha. Ati kan kana raawwattu ofii keeti rakkoo qabaattee miti; haallii kun, rakkoo ilaalcha, rakkoo yaada ta'uu danda'a. Ilaa hubattee! Akkaataa nuti itti guddanne eenyummaa keenya har'aa kana irratti dhiibbaa qaba. Ilaamee, yaadi. Namni haadha ijoollee lamaa irratti rasaasa 18 irratti roobsaa? Kun tasa hin yaadamu! Inni kun rakkoo ilaalcha /rakkoo yaadaati. Namni akkasii kun tarii ijoollummaa isaatii

egalee jaalala haadha hin arganne ta'a. Dubartii bareedduu kana arge hundaa haadha koo naa ta'i jedhee ta'a; rakkoo jireenyaa keessaa jiru kam iyyuu, rakkoo keef waan hojjeteef ibsa itti kennitetti immoo, homaa rakkoo hin qabu. Gaa'eela dura eejja kan ati raawwattu, dhiibbaa fiilmiin sirraan gaheen dha. Hiriyyootni kee waan raawwataniif dha. Keessumattuu, dhimmoota amantii ilaallatu irratti yaada kennuun sirrii miti, Abaluu Fayyeera, Abaluu hin hin fayyine, jechuun qajeelfama "wal- danda'uu" jedhu wajjin waliin hin deemu. Mee, filannoo namaa, filannoo dhuunfaa, isaa keessa, maaltu si galche? Kanaafuu, amantii kee ibsuuf yaaluun, waan waa'ee hin baafne dha. Eeyyee amantiin koo sagalicha irratti kan hundaa'ee fi sababa gahaa kan qabu dha jechuu dandeessa. Namoota kanneen biroon fudhadhaa jettee kallattinis ta'e, al -kallattiidhaan hanga hin sossodaachifnetti eenyu iyyuu siin hin mormu!

4. Turning back to your roots -yaa nama nana gara hundee keetti deebi'uu siif wayya. Yaa fira koo, diinotni kee kan biroo osoo hin taane, biyyootan kenneen Lixaati. Biyya abbootii manantii abbootii kee, aadaa abbootii kee, yeroo isaan si jalaa jibban kana keessa gara amantii keetti, gara aadaa keetti deebi'uu qabda. Aadaan hangam uumurii isaa dheeraa ta'e iyyuu, aadaa bara kanaa wajjin hin deemu yoo ta'e iyyuu, aadaa dha. Ati Oromoo dha. Waaqeffataan Afaan kee hundaa irra caalaa eenyummaa kee kan ibsudha. Amantiin kee, sirbi kees, faarfannaan keess, fooliin isaa foolii biyyaa, aadaan kee, aadaa fooliin isaa, foolii biyyaa qabu ta'uu qaba. Kunnoo. Eenyummaan kee achi keessa jira.
5. Amantiiwwan martinuu wal qixa. Amantiin kan dhuunfaati, biyyii kan waliiniti. Yaa firaa koo wal danda'ani jiraachuudha. Siif Pheenxummaan sirriidha. Sitti

haa tolu. Anaaf immoo, waaqeffataa tu sirriidha. Akkuma an kan kee siif kabaju, atis kan koo, naa kabajuu qabda. Kanatti dabalatee, fayyuun kan danda'amu maqaa "Yasuusiin qofaan" dha kan jedhe eenyu inni? Isaan ala "Jireenyiis, Karaanis, Dhugaanis hin jiru." Erga akkas ta'e, hoo biyya lafaa keessa guutummaatti kan jiran Musiliimni, Biliyoonni tokkotti hunduu, akkasuma, hordoftoonni amantiiwwan kan biroof raawwateera jedhi kaa! Fala hin qaban naan jechuuf jetta kaa!

6. Sirni naamusaa kanuma at fudhatte tu sirrii dha (Ethicsis relative)-Amantiin ishee dhugaan ishee kana jennee fudhachuu hanga hin daneeyetti, dhugaa dhaabbataan, dhugaan hin jijjiiramne, hanga hin jiretti amantiin namni tokko hordofu kam iyyuu, nama sanaaf sirrii dha. Kanaafuu, ilaalcha ofii keenyaa nama biroo irratti fe'uu hin qabnu. Anaaf sirrii kan ta'e, siif sirrii ta'uu dhiisuu ni danda'a. Kanaafuu, "wal danda'uudha". Sirni naamusaa haalawwan irratti kan hunda'uudha.

7. Beeki nama nana ol fuutee muka irra hin kaa'in".Barri nuti keessa jirru kun bara hashishiin seera qabeessummaa argatedha.

Namni tokko funyaan nama kan biraatti hanga hin tuqnetti, akka barbaadetti yoo jiraate hoo? Staayilii isaatimbari!

Wiirtuun biyyaa lafaa "Ana" . Dhugaa kan murteessu, qajeelfama naamusaa kan baasuu ana;jireenya koof hiika keessa maaltu isa galcha!" kun sagalee nama post mooderinizimii ti.Yaadda armaan olitti caqasaman namni fudhate goolaba inni waa'ee jireenyaa isaa kennudha. Akkuma Maartiin Luuter jedhe "Nnamni gad gugguufe gara ofii isaa ilaaludha". Biyyi lafaa martinuu kan

isheen itti marsitu isattidha. Kanaafuu kan isa barbaachisu haala attamiin ofii isaa akka gargaaru kan isa tumsan kitaabolee waa'ee xiin-sammuu fi irratti qophaa'an dha.

Lallabi isaanmartinuu waaqa isaa "Ana" jedhu kana haala attamiin wiirtuu taasiisuu danda'u ta'a,ofii isaa jechuudha. Namni kun waan isaa tuqu kami iyyuu, ragtuu hin barbaadu. Namni Moolar jedhamu haala kana irratti akkas jedhe, "Lallabdootni hanga lallaba namoota dadammaksan lallabuu itti fufan qofaatti kan isaan hordoftoota argatan.Kana irraa ce'anii lallaba nama ceepha'uu keessaa galanni gara dhugaa Waaqqayyootti deebi'aa yoo jedhan, nama isaan dhaggeffatu hin argatan"jedha.Maarree egaa, Poost Mooderniizimiin lola nurratti hin labsinee? Lola keessa jirraam! Meeshaleen lolaa Poost-Moderniizimiin jiru.

Eeyye, mul'inatti lolichaaf dibbeen hin rukutamne, labsiin yeroodhaan gara mana keessanitti gara galgala bakkeetti hin dhiisifatinaa jedhu hin labsamne. Garuu, lolli nuti keessa jirruu,kun lola yaadaati, lolli kun bori ijoollee, obboleessa, obboleetti attamii qabaanna ? kan jedhu lola murteessaa dha. Lolli kun, lola aadaa ti. Lolli kunbor dhaloota Waaqayyoon ganam, saal-quunamtii dhiiraa fi dhiira, dhalaa fi dhalaa,dhaloota itti gaafatamummaa fi abbo sabni itti kennate faayidaa ofii isaaniif oolachan. Dhaloota ofii isaa jaallatu, hunduu anaaf haa ta'u jedhu qabaannaamoo ,dhaloota Waaqqayyoon sodaatudha?

Lola kana keessatti dirree waraanaa hedduu tu fuula keenya dura qophaanii nu eeggatu.Isaanis:

A. Manneeti barnoota fi kitaaboolee barumsaa: Namni tokko mana barumsaa keessatti yoo ximnaatee xinnaate waggootan 10 dabarsa. Barattoottan ijoolummaa kun akkaataan yaadaa/ilaalcha sammuu dhalootaa keessatti yerootti boocamu fi baroottan itti aananiif bu'uura yeroo itti hundeeffamudha. Gaaffii guddaan gaafatamuu qabu :Dhaloota kanaaf bu'uura attamiitu hundeffamaa jira? isa jedhu dha. Isa kana beekuudhaaf kitaabolee barattoonni ittiin baratan ilaaluun gahaadha. (Mee Maaloo! kitaaba Saayinsii kutaa shanaffaa barbaadaatii, akkaataa uumama dhala namaa fi akkaataa uumama lafaa hubadha!). Ijoolleen keenya kutaa shanii eegalanii, dhalli namaa fi horiin (beelladni) seelii tokko irraa akka dhufan, abaabayyuun keenya farda, akkaakayyuun keenya,daljeessa akka ta'an, tokko lamaan gadi fageessanii baratu.

Nuti torbanitti al tokko guyyaa sanbataa guddaa torban torbaniin “Waaqayyoo samii fi lafa uume” jennee yeroo isaan barsiifnu, barsiisaan dafinoo (Hojja-duree) hanga gaafa jirnaataa itti Chaarlis Daarwwiin “Dhalli namaa “jijjiirama suutaagn” (Evolution)dhufee” jedhee isaan barsiisaa .Ijoolleen kun filannoon isaan qaban yartuudha. Isaanis: fudhachuu.Kunis isa tokko akka dhugaa itti fudhachuu, isa biraa immoo, akka oduu durii itti fudhachuu; yookan immoo, lamaanuu akka oduu duritti fudhachuu.Isa kam akka filatan garuu, hin beekna. Kan nama dhibu, ilaalchi kun guutummaa guutuutti ilaalcha post Modernizimii osoo hin taane, ilaalcha mooderniizimii ti.Biyyaa keenya garuu, ilaalchotnu kun lamaanuu wal faana al- tokko galan.

B. Fiilmii Televiishenii “Guddistuu fi Xabsiiftuu”

Barichi wanti addunyaa irratti raawwate kam iyyuu, bara inni sekondii tokko keessatti gola keenya keessa seenuudha. Gara edinaamool yoo dhaqxaan fiilmii Faranjootni hin ilaaliin argitu. Foddaan televiishenii addunyaa gara keenyaatti fiduu qofaa osoo hin taane, nuunnis gara addunyaatti nu buteera. Amma yeroo kana, wanti nyaannu, wanti dhugnu, wanti yaadnu, wanti dubbifnu, wanti balleessinu, wanti tolchinu, martinuu, namoota televiishenii keessatti arginu irraa kan warabamandha. Yeroo ammaa kana, sabichi waa’ee nyaataa, waa’ee faashinii, waa’ee nyaataa, waa’ee sijaaraa, waa’ee mootummaa, waa’ee haadha mana, abbaa manaa, yaada qabu hunda kan inni waraabu televiisheenii irraa ti. Post- Mooderziizimiin isa jaalattu taanan, yoo isin isa bira hin geessan ta’ee iyyuu, lollooqe gola keessan seenaa .Dhalootni kun dhaloota kam irra iyyuu caalaa, abbaa fi haadha, hojiin itti bayy’atee, hojjettoota mana keessa warra mindaa isaaniitti eenyu iyyuu itti abboomnetti kennudhaan akka isaan televiishenii guddaan taasifamaa jira. Televiishedniin jiraachiisuu irra meeshaan ajjeechaa kan keessatti baayy’ate bara ashaangullitiin keessa jirudha.

Ijoolleen mana barumsaan ala yeroo qaban akka namootni durii gochaa turan bakkee irratti xaphachuu osoo hin taane, barsiisaa isaanii jala televiishenii fuul-dura taa’uun yeroo isaanii dabarsu.

Ijoolleen keenya, yaada ilaalcha fiilmicha qofa osoo hin taane, faarsaa Afaan Arabaa akka bishaanii dhugaa akka jiran, hubattaniittuu laata? Bara kana keessa, dargaggoonni sagadaa irraa harka caalaa, yeroo isaan televiishenii

ilaaluutti dabarsan caalaa dhufeera. Dhiibbaan yaada televiishenii sammuu keenya irratti fidaa jiru, haala salphaa ta'een jireenya amantii irraa nu balleessaa jira. Fakkeenyaaf, hin ajjeesiin jenna. Televiisheniidhaan garuu, fiilmii lolaa ilaalla. Eejjaa hin raawwatin jennee lallasina, baranna.

Ilaalcha Post-Modernizimiin ni mormina jenna. Yeroo televiishenii irraa arginu garuu kolfaan gaggabaa ilaalla. Isaan kun martinuu maal akkan nu taasia beektuu? Wantoota adda adda waan nama rifaasisaan suni suuta shaakata adeemna.

Wantoota yeroo jalqabaa maal attamitti? Jennee rifachaa, ajaayibsiifachaa turre sana suuta suuta nutis raawwachuu jalqabna. Akkuma fattee bishaan diilallaa'aa keessa seentee bishaanichi yeroo inni bulluqaa adeemu duutee jechuudha.

C. Interneetii: Fees Buukii harmee keenyaa- interneetiin faayidaa guddaa akkuma qabu, miidhaa guddaa qaba. Mobaayilii Keenya tuttuuquudhaan nama gargaara addunyaa kam irra jiru wajjin kolfoo wajjin boo'u, ergaa keenya dabrfachuu nu gammachiisa.

D. Haala faallaa ta'een immoo, kanneen akka fees buukiin, buultoon hedduun diigamaniiru, ijoolleen gudeedamaniiru, lapheen namoota baay'ee cabeera. Saamichi raawwateera, jireenyi dalga galeera, jireenyi babbadeera. Miidhaa fees buukiin hin geessifne maaltu jiru? Waa hedduun badeera. Keessumattu, yeroo ammaa kana namootni baay'een jaalala Gooftaa caalaa, jaalala Fees buukiin fudhataniiru. Kanneen akkasii kanaaf, feesbuukiin ciree, laaqana fi irbaata isaanii ta'eera jedhama. Jecha namni tokko jedhe asi irratti akka

fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. "Obboleessa koo nama bara kanaaf fees buukii fi qilleensi tokkumma. Ganama barii dhaqanii ija itti baasuusa jaqaban, galgala yeroo manichi cufamuuf jedhu ijaa isaani sukkuummachaa, borsaa ofii isaanii qaqqabachaaa kan galan hedduu tu jiru. Isaan akkasii fees buukii ilaalu akka qaama jireenyaa isaanii godhataniiru jette obboleettiin tokko. Barnootni Post-Modeerniizimii kun haala akkasiin akka dhukkuba tasiboo tokko irraa tokkotti darbu. Fees buukii irratti "gabaa" argachuuf barreessuu danda'uu fi suurri bareedaan qofa gahoo dha. Isa booda makara yaada ilaalcha kanaa irraa funannachuu dha;

"suuta suuta" akkuma fattee sanaa bilchaachuu.

4. Kitaabolee

Biyya keenya kanatti seexanni illee ergaa barreessee haa kaa'u maqaan Waaqayyoo irra jira yoo ta'e; milkaa'ina irratti xiyyeeffata yoo ta'e, nama baay'ee tu bitee dubbisa. Barumsi kitaaboolee sun kaan isaanii kara fayyina ta'uu danda'a. Barsiisa amantii irraa nama jal'isuu ta'uu danda'a. Macaafa kitaabolee lallaboota bebeekamoon barreeffaman dubbisanitti sammutti qabatu jedhama. .Bara kana keessa kitaaboolee iddoo qaban kitaaboolee xiinsammuu ti jedhama. Waaqayyoon kan ganam fi kitaaboolee Post-moderniizimii faarsaan xinnaa fi guddaan harkatti qabatanii adeemuun yeroo ammaa kana waan amalleeffame kiristaanotni baay'ee harkatti kan argamu fi akka "Icitchi" kan ilaalamu ta'aa jira. Namootni hedduun jireenyi isaanii kaninni irratti hundaa'ee, akka qajeelfama jireenyaattis kan isaan fudhatan, kitaaba Maayilsii Munnoon barreeffame. Macaafni Maayilsii kun namoota Oshoo maan, Raand jedhamaniin

walitti qabamanii, liqqisii yartuu Macaafaa Qulqulluu keessa irra facaasuun macaafa “Ofii kee gargaar” jedhu irratti dha (Self help). Kitaabooleen nuti gatii rakasaan akkuma argine bitannee dubbifnu dabalatee, kitaabooleen bara kana keessa gabaa irraa oolaan. Kanneen akkasii Post- Mooderniizimii qofa osoo hin taane, seexanuma mataa isaa nu keessa bulchuuf human qabu.



Kanaafuu, maal gochuu qabna?

- 1) **Odeeffannoo haa qabaannu:** Eeyyee barri kun bara odeeffannooti. Namootni yeroo tokko tokko waa’ee waan tokko odeeffannoo argamtanii dhuguma isaa osoo hin qulqulleefatin, miiraan ka’anii rakkoo keessa galu. Haa ta’u malee, odeeffannoon gaariidha. Waa’ee Post- Moodernizimii haa dubbifnu, haa qorannu, haa barannu, irratti haa mariyannu. Naannoo kana irratti hubannoo keenya balifachuun barbaachisaa dha. Namas ta’e, televiinzenis haa dhaggeeffannuu, namaas ta’e, televiishenii haa ilaallu (sewu lesewu dabalatee); namaas ta’e,
- 2) **Gaazexaa haa dubbifnu,** “buna haa dhugnu” haa qalbeeffannu hafuurrii barichaa maal akka ta’e haa qorannu.

Ijoolleen keenya, obbioletni keenya, obboleettoti keenya, haala attamii keessa akka jiran haa ilaallu; dhimmi inni guddaan, waan ilaallu osoo hin taane, waan ilaalluu sana keessatti waanta ilaallu dha.

Aboo dubbii sagalee Waaqayyoo shakkii tokko malee haa fudhannu, dubbi sagalee Waaqayyoo akka ana galeetti, akka an hubadhetti. Hafuurri Ququlluun, dhuunfaatti akka naa ibsetti qofaa soo hin taane, waliin haa dubbifannu, haa qu’annu ;suuta suuta gara hubannaa waliini haa dhufnu.

Kana irratti hundaa'uudhaan immoo, murtoo haa fudhannu .Ofii keenya irratti “Labsii abbomamuu” haa labsinu.Namni maqaan isaanii Derek Prunsi jedhaman dhugaa Macaafaa Qulqulluu keessa jiru tokko ofii isaanii irratti qoranii osoo hin ilaalin hin barreessan jedhu dhagaheera. Hanga ammaatti waa hedduu baranneerra.Mee amma immoo,dhaabbannee haa abboomammuu (utuu konferaansiin Abboomamuu jiraate attam gaaridha?)

3) **Fakkeenya haa taanu:** Poost -Moodernizimiin kan inni nu fayyade tokko “Aboo fudhachuu dhiisuu isaa” ti .Namni kam iyyuu, aboo hafuuraas ta’e, aboo biyya lafaa qabaachuu danda’a. Haa ta’u malee, aboo isaa sanatti hin gargaaramu yoo ta’e, namni Poost -Moodernizimii keessa jiru, nama sana hin simatu.Ati soortuudha?Akka soortuutti hin jiraattu yoo ta’e, namni Poost Moodernizimii si hin dhaggeeffatu. Of tuulummaa kee waan jibbuuf ijaan si arguu iyyuu, hin barbaadu (maalif dhiphatu?Churchii yoo ta’e guutel) Wantootni akka isaan wal-xoo ta’an gochuu osoo hin taane, waan hundaa salphisanii ilaaluudhaan aarsaa ta’anii jiraachuun nama Poost moodernizimii keessa jiruuf tasa hin galuuf.Kanaaf iyyuu ti namootni waan amanan sanatti warraa of kennan faama bu’anii kan isaan adeeman.

Mee namoo warra sibhaat Gebree Igzabeerin faarsaan ilaala! (yaada isaa,isa yaada seexanaa ta’e sana illee, akka yaada ergamaatti fudhachuun isa faana bu’aa turan).

4). **Hiriyaa dhugaa, Waldaa dhugaa (sababa dhugaa) haa horannu** haa qabaannu, namni Poost -Moodernizimii keessa jiru beelli keessa isaa jiru hiriyaa gaarii dhabuudha.“Namni irra caalchisee kan isa jaallatu, icitii eenyutti

hin himne nama itti himatu hiriya ofii isaa ta'ee eenyummaa isaa dhugaan itti dhiyaatu barbaada. Hiriyummaa fakkeenyummaa gaarii akkasii saba dhugaa akka uumamu gargaara.

Sabni dhugaan akkasii immoo, nama Poost -Moodernizimiin miidhamee jiruuf akka iddoo mijataa biltootaa adda addaa qabudha ni daraara.

5 **Sagalee keenya haa dhageessifnu**- sagaleen keenya kan dhaga'amu qabu, seerri saal-quunnamtii saal tokkee mana maree bakka bu'oota uummataf yeroo dhiyaatu qofa ta'uu hin qabu. Nuti ofii keenya irraa eegallee, waldaan kiristaanaas waldooliin warri Wangeelaas, sabichis, rakkoollee kana loluu qabna. Waa'ee kana walitti falmuu, waliin dubbachuu qabna. Maatiin keenya, waldaan keenya, mootummaan keenya, isa kana irratti furmaata akka nuu barbaadu gaafachuu qabna.

6 **Rakkoo kana loludhaaf yeroo keenya**, human keenya, horii keenyaatti gargaaramuu qabna.

7 **Meeshaan keenya inni guddaan garuu kadhannaadha**. Gita human keenaatti yeroo ilaallu wallaansoon kun waan yaalamu hin fakkaatu.

Mixiin harba laga ce'aa jiru irra teessee ceete, "Riqicha sochoofnee" jette akkuma jedhamu. Guddinni rakkicjhaa human keenya wajjin yeroo waliin qabnee ilalluu, akkuma kana fakkaata. Haa ta'u malee, human keenya isa dadhabaa ol isa ta'e, isa sirriitti raasuu danda'u Waaqayyoo waaqa keenyaa wajjin ka'uu qabna.

Gita namaatti waan tokko akka gara raawwiitti dhufuuf 100% yaalii namaa fi 100% hojii namaa dubbatan “waan hunduu Waaqayyoo qofaan akka danda’u yaadaa kadhahu. Waan hunduu si qofaan akka danda’amu yaadaa hojjedhu”.

Boqonnaa kana keessatti, maddi ilaalchi addunyaa maal akka ta’ee fi gosotni ilaalcha addunyaa meeqa akka ta’an ilaalleerra . Christain Theism (warra Waaqayyoo hin jiru jedhan) African Traditinal Region, Deism (uumaan uumama umee irraa adda ba’ee fagoo jiraata.

Naturalism, Nihilism (duwwaa ta’uu); Existentialism; Pantheistic Monism; New Consciousness (sochii bara haaraa kanaa fi Post -Moderenism ilaalcha jedhaman kana kutaa kana keessatti tokko tokkoo isaanii akka hubattan wal bira qabdaniis ilaaltaniittu jedhamee abdatama. Xumura irrattis, bara kana keessa isa guutee dhangala’aa jiru P-oost-Moodernizimii bal’inaan kan ilaalle yemmuu ta’u, waldaan Kiristaanaa deebii sirrii ta’e kennuu akka qabdu haala damaksuu danda’uun ilaalleerra jennee amanna. Kanaafuu, barattootnis ta’e, dhiibbaa ilaalchaa poost mooderninzimii jala kanneen jiran martinuu, carraa argatan hundaa keessatti k.k.f waltajjii marii qopheessani akka irratti mariyatamu gochuun gahee isaanii akka bahaan abdatama.



Goolaba

1)Barattootaa!Boqonnaa kana keessaa, qabxiilee armaan gadii irratti hubannoo gahaa argachuu keessan mirkanneeffadhaaa.

Ilaalcha addunyaa jechuun maal jechuudha?



2 Illaalcha addunyaa kan Macaafaa Qulqulluu fi kan Kiristaanaa walitti dhufeenyi fi garaagarummaan isaanii maal fa'i?(Dubbisa dabalataa irratti barbaada.)

3. Poost-Mooderniizimiin karaa tokkos ta'e, karaa biraa, waldaa keessatti akka mulatan namootni baay'een irratti walii galu.Ati haala kana attamitti ilaalta? Jira jetta yoo ta'e, furmaatni isaa maal ta'uu qaba?

4. Kiristaanotni ilaalcha ofii qabaniin ala namoota biyya lafaa keessa jiraniif yaaduun ilaalcha isaanii jijjiiruuf irratti hojjechuu qabu.

5) Namootni adda addaa taatee took kallattiin isaan itti ilaalan kallatti adda addaa ti. Sababiin isaa immoo, hiika namootni itti kennan irraan kan ka'e dha. Inni kun immoo, ilaalcha addunyaa jedhama.

6) Namootni waan isaan jedhanii fi waan isaan hojjetan sirriitti ilaaluudha ilaalchii addunyaa isaan qaban maal akka ta'e hanga tokko hubachuu danda'ama.

7) Namummaan waan hundaa irra iddoo kennamuufi qabu yoo ta'e iyyuu of danda'ee dhaabbachuuf jiraachuuf eenyummaa waaqummaa hin qabu.

8) Yaadolee bara poost moodernizimii keessa calaqqisan hunduu yaada hamminaa yookan immoo hunduu gaarummaa waan hin qabneef Kiristaanotni yaada isa gaarii irraa hirmaachuu isa hammina qabu immoo irratti hojjechuun qabna.



2.Kutaa Lammaffaa Falaasama

2.1. Seensa

Faalasummaa hafuuraati jechuudhan qulqulloota ofii isaanii Saayinsii Falaasummaa irraa fageessan manni haa lakkaa'u. Haa ta'u malee, falaasummaan Saayinsii dha ,Ogummaadha;namni hunduu baraachuu waan qabudha. Namootni uumama irraa eegale falaasota akka ta'an waa tokko karaa itti ilaalanii hiika ofii isaanii akka qaban yaada kana namootni baay'ee itti walii galu .Akkuma kana ta'ee, falaasummaan akka saayinsii dha yeroo inni itti mataa ol qabate, seenaa mataa isaa akka qabu amanama.Boqonnaa kana keessatti hiika saayinsi falaasummaa, akkasumas seenaa ka'umsa isaa bal'inaan ilaalla. Itti dabalees,falaasummaa akkasumas seenaa ka'umsa isaabalinaan ilaalla.

Kana malees, falaasummaa keessatti baayee gad fagoo isa ta'ee ibsa dhugaa ilaala.Xumura irraatti,saayinsiin falaasummaa faayidaa inni kiristaanoota fi tajaajila isaanii qabu, akkasumas, balbalootini waldaa kiristaanota warra falaastaatalaniif akka banamu bilbila dammaksu boqonnaa kana keessaatti Olkaafnee dhageessisuuf yaaliin ni taasifurra



Kaayyoo fi galma barumsa kutaa kanaa

Barattootni maalummaa saayinsii falaasummaa akkaata qoqqoodama isaa, yaadni isaa bu'uuraa, hubannoo ni qabaatu barattootnii waa,ee sirna

loojiikiihubannoo gahaa ta'ee fi saayinsii kanatti fayyadamuu dhaan waantota adda addaa ogummaaittiin gad fageenyaan qorochuu danda'an ni argatu Barattootni falmii falaasotaan ka'an akkaataa itti falmmuudanda'anni baratu.

2.2 Maalummaa Falaasummaa

Falaasummaan Maali inni?



Gaaffiin kun gaaffi salphaatti deebi'uu danda'u miti. Jechii kun bakka adda addaatti akkaataa galma isaatti hiika gargaara qabaachuu danda'a. Namootni falaasota jedhaman mataan isaanii namoota ogummaa gosa adda addaa qabandha malee namoota hojii gosa tokko irra jiran mit. Deebii gaaffii kanaa sirriittiitti yaaduu qabna jechuudha. Kanaafis wantootni akka sababaatti dhiyaatan jiru. Isaanis:-

Tokkooffaa: Macaafni Qulqulluun waa'ee falaasumaa yaada gaarii hin taane waan qabuuf. Phaawwuloos, Qalaasaayis keessatti Qar ol 1-20-21 ogeeyyiin meerre eessa jiru ?jedha Yeroo akkana jedhu keessatti ,falaasummaa isaaniin akka nuti hin harkifamne, akka hin fudhatamee jedhudha.

Lammaffaa: sababni inni biraan falaasummaan yaada waa'ee Waaqayyoo seenaa keessatti yeroo adda addaa dhiibbaa uumee waan arginuuf falaasummaan maal jedhu akka ta'e hubachuu qabna.

Ilaalchi falaasuma irratti ka'e kun, wallaansoo dhiibbaa barnootaa waa'ee Waaqayyoo irratti dhufee akka hubachuu dandeenyu nu taasiisuuf dha. Dhiibbaa falaasamni waa'ee Waaqayyoon beeku irratti fide bifa gaaruummaa qabuu fi bifa hammina qabu waan ta'eef isa kana

hubachuudhaan falmuudhaafis ta'a.Haala sirrii ta'een ibsuu akka danda'amuuf waa'ee falaasumaa beeku qabna jechuudha.Kunis namni waa'ee Waaqayyoon beeku qoratu haala fooyy'aa ta'een akka inni itti jabaatu gargaara.

Barumsi nuti amma fudhachaa jirru kun irra guddaa waa'ee falaasama gadi fageenyaan kan barsiisuu, yookan, akka barsiisutti kan caaseeffame miti.Haa ta'u malee waa'ee falasama beekumsa gahaan akka qabaannuu fi saayinsi falaasumaa waa'ee waaqayyoon beekuu irratti faayidaa inni qabu akka hubannoo nu taasisa.

Hiika falaasama gabaabinaan kaa'uudhaaf, falaasama jechuun ogummaa jechuudha. Jechi kun, jechoota Giriikii jechoota lama irraa kan dhufe yammuu ta'u, hiikni jechoota kanaa, akkaataa tartiiba isaanittin jaalalaa fi ogummaa jechuudha.

Kanaafuu, jechii falasaama jedhu hiriyaa,ogummaa ,yookan, nama ogummaa qaama bu'u jechuudha.

Seenaa Guddina falaasama kutaa kana keessaa barattootni qabxiilee ijoo kanneen armaan gadii haratu isaanis:

- ❖ Falaasota gurgurdoo barattan adda addaa ka'an eenyu faa akka ta'an fi kallattii falaasama isaanii maal akka ta'e hubatu.
- ❖ Seenaa keessatti guddina falaasamaa fi guddina waldaa Kiristaanaa waliin madaalanii akka ilaalaniif carraa isaaniif uuma.

- ❖ Falaasamni karaa tokkos ta'e karaa biraa namoota irratti dhiibba kan uumu ta'u isaafi namni hunduu ilaalacha ofii isaan falaasama jireenyaa akka qabu ni hubatu.

2.3 Falaasama bara Soqraaxis duraa

Falaasamas ta'e kiristaanummaan waa'ee isaanii durii nama aqoratu itti agarsiisuuf gara biyyoottan Lixaatti isaan geessu. Isaan keessa duri falaasummaan beekamoo kan turan irra guddaa namoota Girikii tura. Guddinni falaasama kun dhaloota Kiristoos dura jaarra 6ffa irraa eegalee Giriik itti argama akka ture qu'attoonni seenaa itti waliigalu. Bara sana keessa hundaa caalaa falaasama isaan beekamaa kan ture. Nama maqaan isaa Yemalaa Xiyaawteelsi jedhamu ture.

Teelsi fi falaastotni fi Sooqiraaxis dura kan turan baay'een isaanii xiyyeeffannaan isaanii Metaa Fiiziksii irratti ture. Kunis wantootni bocaama amma qabatani jiran kana attamiin argatan? Addunyaan attamiin eessaa argamte? Dhugaan eessaa dhufe? Hamma inni eessa dhufe? Mata dureewwan kallattidhaan uuma wajjin walitti dhufeenya qaban turan ka'umsi falaasama isaanii falaasotni bara sanaa baay'een isaanii wantoota argaman, qaqqabatan irratti ture. Sababiin isaas addunyaa ishee argamtu kanan ala addunyaa kan biraan hin jiru jedhani warra amanaman waan turaniif dha.

Kana malees falaasotni kun uumama wantoota adda addaaf sababa kan ta'e qaamni tokko yoo jiraate iyyuu amma garuu uumanni ofii isaan kan itti fufa jechuudhaan falaasama kan geggeessa turan.

Kan biroon, falaasotni Sookraaxis dura turan kan isaan wallansoo ittiin qabaa turan, jijjiiramni attamiin dhufuu danda'e? kan jedhu ture. Kana jechuun wantootni bifaa tokko dirraa bifa birootti jijjiiramuun isaanii sammuu isaanitti gaaffii guddaa ta'ee wallansoo ittiin qaba akka turan seenaan kan addeessuudha. Kana irraan kan ka'e, falaasotni kun wanti hundinuu waan tokko irraa gara waan biraatti jijjiiramaa adeema malee, wanti dhaabbataan waan hin jijjiiramne hin jiru jedhanii yaadu ture.

Jijjiirama kanaafis sababa godhanii kan isaan dhiyeessan addunyaan saffisaan sochii irra jiraachuu dha jedhu. Sochii kanatu wantootni bifa/waan tokko irraa gara waan biraatti jijjiira jechuun falaasama isaanii Loogikiidhaan barsiisu ture. Falaasotni bar sana keessa turan hanga ammaatti bishaanni gara cabbitti, yookan, gara urkaatti akka jijjiiramu ilaalchi adeemsi jijjiiramaa akka jiru akka yaadnu kan nu taasise jechuun bara isaanii keessa dubbachaa ni addeessu. Falaasama waan kaan iyyuu kan inni irraa dhufe wantoota xixiqqoo irraa ti. Kan jedhu barsiisaa turan falaasota bebbeekamoo yeroo sana turan keessaa namni caqasamuu qabu tokko falasa lammii Giriik maqaan isaa Paayitaagora jedhamu beeka herregaa nama turedha. Innis, irra guddaa dhugaan wantoota hundaa lakkoofsa herregaakan guutedha ilaalcha jedhu nama geggeessaa turedha.

2.4 Falasummaa bara Kilaasikii

Falaasamni qindaa'ee akka saayinsii tokkootti saba gidduutti mul'achuu kan jalqabe fi falaasotni bebbeekamoon kaan kan jedhamu dhaloota Kiristoos dura jaarraa shanaffaa fi araffaa keessa yeroo sun falaasota hanga har'aatti

addunyaa waa'ee isaanii ol kaaftee dubbattu Sooqraaxisii fi Pleetoon yeroo itti ka'an ture. Barri sun kilasikaal, yookan, bara falasama Sooqiraaxis akka falaasota isa dura turanii osoo hin taane, akkaataan inni itti yaadaa ture namootni naamusaa gaarii attamiin qabaachuu danda'u? falasama jedhu ture. Kanaafuu, Sooqiraaxis falaasaa sirna naamusaa beekama jedhamun nama cimaa maqaa isaa dhaabe darbe ture. Namni kun barnoota sirna naamusaa namootni akka ta'utti itti jiraachuu danda'an qopheessaa isa sirrii ta'ee fi isa sirrii hin taane gidduu garaa garummaa jiru agarsiisuudhaan falasa dhugaa godhaan mul'atuuf bu'uura buusedha. Keessumattuu, moototni yeroo sana keessa turan sirritti yoo hin geggeessan ta'e isaan ceephaa'aa nama ture yemmuu ta'u, jireenyi isa harka mootota kanatti lubbuun isaa akka darbe seenaan ni ibsa. Kan biraan waa'ee Sooqiraaxis kan nama ajaayisbiisuu ofii isaati waan barreesse waan hin jirreef, barataa isaa kan ture Pileetoon, Falmiiti haasaa Sooqiraaxisii fi falaasota kanneen biroo turan hunda barsiisa falasummaa Sooqiraaxis akka barreeffaman seenaan ibsu nama falaasaa kana ajaayibsiisaa taasiseera. Pileetoon erga sooqixiis du'ee ka'e kun barroolee isaa fi barannoo isaa baay'ee falaasa beekama dha.

Hojiiwwan isaa keessaa kanneen gurguddoo ta'an sirna naamusaa Mettaa Fiziksii falaasuma waa'ee (theory of knowledge) siyaasaa yaada rime beekumsaa akka fakkeenyaatti kan caqasaman dha. Kana malees, Pileetoon, Falaasota isa duraan turan kanneen waantota qaqqabatama fi ijaaen argaman (matiing) iraattii xiyyeeffatan ifaa ifatti nama morme fi kan ofii isaa barsiisa isa dhugaa nama barsiise tu'e barsiisa dhugaa (doctrines) kana keessaa

Pilaatoomiik Riyaaliizim iseenshaaliizim Ayidiyaaliiziim. Kana malee, barbaachisaa inni ture yaada rimeen (theory) isaa boocaa fiaddunyummaa irrattidhiibbaa inni fide hojii isaa bal'inaan caqasamandha .

Sooqiraaxiisi fi Piletoo itti fufee falaasaa beekaman ka'e barataa Pileetoo kan ture Aristootildha .Aristootil falaasummaa isaattiin sadarkaa Pileetoo irra baayy'ee guddaa caalu, nama beeksisedha. Hojjiwwan isaa hanga ammaatti faayidaa qabeessa kan ta'an fi guddina yaada falaasama baay'eef gumaacha kan godhan dha. Falaasa gaaffilee jireenyaa hunda irratti jechuudha haala nama dandeessisuun deebii qopheessuu danda'e falaasa beekamaa jechuudhaan baayyoliin Aristootiliin manneetii barnoota adda addaa falaasummaa bara durii.falaasama Girikii babal'isuuf manneetiin barnoota akka turan hubachuu danda'ama.

Fakkeenyaaf pileetoonizim, Aristootiliyaan Helenislik fi qaroominni Roomaa bebbeekamoo turan.Kana malees barnootni bebbeekamoon kanneen armaan gadi barasana caalaatti kan ibsandha.

Isaanis: **Sophism, Ynicism, Skepticism, Epicureaism, Hedonism, Stoicism, Neo-platonism** dha.

Sophism- ilaalchi kun caalamaatti kan inni irratti hundaa'u, dhugaa wal bira qabee (madaalee) ilaaluudhaan ture .Kana jechuun dhugaan dhaabbataa ta'e hin jiru,namootni waa'ee waan tokko ilaalcha adda addaa qabaachuu danda'u jechuudha.

Cynicism- Fayyummaan, Qabeenyi, Aangoon fi beekamaa ta'uun nama tokko nama biraa irra adda gochuu hin qaban. Jireenyi wantoota jireenya wal xaxoo taasisan kam iyyuu irraa raawwaatte bilisa ta'uu qabdi ilaalcha jedhudha.

Skepticism waan kamiyyuu keessa isaa baruu hin dandeenyu. Kan nuti beekuu dandeenyu, isa namni sun ittiin nutti dhiyaate qofaa dha .Kanaafuu, ilaalchi inni kam sirrii akka ta'e, ilaalchi inni kam sirrii akka hin taane, beekuu hin dandeenyu jechuudha. Yaada ka'umsa keessa isaanii baruudhaaf dirqama sosodaachisuu fi akkaata inni waan keessa isaa jiru baasuu qabutti fayyadamu qabna yaada jedhudha.

Epicureanism- Gammachuu argachuu kan danda'amu, mala jireenyaa salphaa ta'e yeroo qabaannu, jireenyaa gidduu galeessa ta'e yeroo jiraannu, hiriyyummaa gaarii yeroo horannu, fedhii keenya yeroo murteessinu dha. Ilaalcha jedhudha. Hedonism dhala namaaf inni guddaan gammachuu guddaa qabaachuu danda'uudha. Kanaafuu, namni kamiyyuu gammachuu isaa guddifachuudhaaf irratti hojjechuu qaba jechuun gosa falaasamaa barsiisudha.

Stoicism- ilaalchi kun waa'ee of-qabuu fi waa'ee obsaa kan barsiisuu yammuu ta'u, barumsi kun namootni miira isaanii kan ittiin bitan (of-qaban) fi rakkoo fi dhiphina irraa bilisa kan ittiin bahaan ofii isaan dhiphina barbaachisaa keessaa kan ittiin galchan dandeetti kan itti horatan dha ilaalcha jedhudha.

Neo-Platonism ilaalchi kun Pileetoon kan hundeeffame yemmuu ta'u, irra guddaa kan inni irratti xiyyeeffatu falaasamaa waa'ee amantii irratti dha. Ilaalchi uuma uumama isaa irra ol fagaatee akka jiru uumamii warri biroon/

warri hafan kan isaan argaman eenyummaa uuma gad ta'an irraa ti jedha. Falaasumni kun ilaalcha kiristaanota irratti dhiibba guddaa uumedha. Keessumattuu, ilaalcha kanan geggeeffamaa nama ture Augustin asi irratti akka fakkeenyaatti nama caqasamudha.

2.5 Adeemsa Falasama Bara Gidduu Galeessaa

Barri kun Awurooppaan guutumaatti gara dukkanaatti yeroo gale jedhamuun beekama. Kanaaf iyyuu ti barri kun bara dukkanaa jedhamuun kan inni beekamu. Falasotni bara kana keessa turan hojii isaanii inni guddaan amantiiwaan kiristaanaa Yihuudaa fi Muliima waa'ee jiraachuu Waaqayyoo fi isaan kun araara buusani tokkummaan akka waaqeessan kan barsiisu ture. Kana malees, barri kun ittiin beekamu yuniverstiiwwan adda addaa bara kana keessa hundeffamuu isaaniiti. Isaan kun balba'achuun isaanii barumsa falaasummaaf bu'uura buusaniiru jedchuu ni danda'ama.

Falaasota bebbekamoo bara haaromsa turan keessaa, Eraasmaas nama(Hojimaata Kaatolikii isa aadaa irratti hundaa'e mormuudhaan) sochii haaromsaaf nama dura bu'aa ture. Maaku illee nama falaasummaan siyaasaa falaasa kiristaanaa ta'ee kitaaba Yutoopiyaa jechuun addunyaa nama sochoose) fi Firaansiis Beeken nama dhugaan addunyaa kana keessatti ragaa qabaachuu qaba yaada jedhu calaqqisiise dha.

Dagaagina falaasummaa Moodernizimii keessatti,Jaarraa 17^{ffaa} bara Loojikii fi jaarraa 18^{ffaa} bara saayinsiin baay'ee guddaa itti qarooma, amantiin yeroo inni itti baay'ee ol ka'ee mul'atee, bilisummaan beektotaa yeroo itti ka'e, falaasamni dhugaa dhalachuu isaa misiraachoon yeroo dubatame jedhame beekama barri

pre-Modernism kun. Itti dabalees, barri kun kan inni ittiin beekamu falaasotni warri amananii fi warri miira irratti xiyyeeffataan bara isaan wal falman jedhamee beekama.

2.6 Sochii Falasama Jaarraa 19ffaa

Falaasotni lammii Jarman ta'an warri yaadatti amanan jedhaman baay'inaan yeroo isaan itti mumul'achuu eegalan bara kana ture. Isaan keessa dhiibbaa guddaa uumuudhaan beekamtii kan argate Jootjii Hegil yemmuu ta'u, namni kun ibsa isaa Aayidiyaaliizimii keessatti kanneen nama beekama ture. Isa booda ilaalcha addunyaa Sooshaaliizimii faarsuun kan ol kaasee dhaabe Kaarl Maarkis, Barataa nama kanaa, namaa isaatti dhiyaatu akka ture kitaaboleen seenaa ni addeessu. Kana malees hojii Kaarl Maarkis fi Fireediriik Englisi waliin hojjetan sochiin isaan sirna Kaappitaaliizimii mormuun geggeessan, bu'aa barsiisa nama kanaa ti jedhamee amanama. Namootni kunis, jaarraa kana keessa akka falasotaatti ilaalamaa ture . Faalasotni Ameerikaa kan isaan ka'uu eegalan, jaarraa kana keessatti ture. Isaan keessaa Ralf Waaddoo Emmersan namni jedhamu falaasa akka fakkeenyaatti caqasamudha. Namni kan yaada falaasama anummaa nama dhuunfaa irratti xiyyeeffatu nama calaqqisiiseedha.

2.7 Dameewwan Falasamaa

Falagamni kutaa saayinsii dameewwan hedduu qabu. Kutaa kana keessatti dameewwan falaasama hundaa irratti dubbachuu hin dandeenyu .Kanaafuu isaan keessaa kanneen gurguddoo ta’an maqaa isaanii tarreessuun , lamaan isaanii irratti ibsa gabaabaa kennina. Dameewwan falasamaa keessaa kanneen gurguddoon isaan armaan gadii ta’u.

Isaanis:

- 1) Logic (Loojikii)
- 2) Ethics (sirna naamusaa)
- 3) Epistemology (falaasummaa beekumsa qoratu)
- 4) Aesthetics (qu’annaa sirna bareedinaati)

Isaan kana keessa sirna naamusaa ibsuun kan ilaallu ta’e gara xumura irratti waa’ee sirna (qu’annaa) Loogikii bal’inaan ilaalla.

Haa ta’u malee ,dameewwan falaasama kanneen hafaan, barattotni ofii isaaniin qua’chuu akka qaban, kitaabilee adda addaa dubbisu jedhamee abdatama.

2.8 Maalummaa Sirna Naamusaa Falaasummaa fi Hiriiroo inni Sirna Naamusaa Kiraistaanaa Wajjin Qabu.

Hiika Sirna Naamusaa

Sirni naamusaa dhimmoota gaariin fi “gadhee” , “sirrii” fi sirrii kan hin taane” hundaa gidduutti murtoo kennuuf yaada bu’uuraati. Sirni naamusaa walitti dhufeenyi isaa namaa wajjin dha.

Qoqqooddi gurgurdoo sirna naamusaa bakka sadii (3) itti qoodama . Isaanis:

1. Sirna naamusaa kan Macaafa Qulqullu
2. Sirna naamusaa kan Kiristaanaa
3. Sirna naamusa kan Hawaasaa

Garaagarummaan sadan isaanii gidduu jiru.

Sirni namusaa Macaafa Qulqulluu kaninni of keessatti qabatu dhufaatii Kiristoos dura bara durii kan turedha.

Sirni naamusaa kan kiristaanaa immoo, Kiristoos dhufee sirna naamusaa barsiisa inni Kakuu Haaraa keessatti kennee seegalee hanga bara keessa jirruutti ,waa’ee dhimmoota guyyaa guyyaatti raawwataamanii ilaaluuf, murtoo kennuuf kan dand’uu fi kan hawaasa immoo, ilaalcha sonawwan sabni sun dursee dhaabbata irratti hunda’uudhaan gaarummaa fi gadhummaa waan tokko kan murtee itti argatudha.

Hubachiisa: sirni naamusaa kan sabaa, kanneen kiristaanaa ta’an fi kanneen kiristaanaa hin taane jedhamee qoodamuu danda’a.

Sirna naamusaa murteessuuf qajeelfamootni hedduu tu jiru. Isaan keessaa kanneen armaan gaditti tarreeffaman sadan(3) sirni naamusaa baayyoolii biratti yeroo hojii irraa oolu kan isaan ittiin beekaman ulaalagalee lakkatti sadan (3) jedhamuun bal’inaan beekamu.

Isaanis:

- 1) Teleological
- 2) Deantological
- 3) Relational isaan kana sadan gabaasan ilaalla.

1. Teleological

Afaan Giriikiin Teleo jechuun xumura ,yookan raawwii isaa akka jechuuti. Jalqaba irratti mata duree kana kan beeksise Arstootildha. Kana jechuun yaada tokko ,kaayyoo waan tokkoo wajjin dhimma adeemudha.Afaan Ingiliffaan akkaataa armaan gaditti ibseera.

Teleological approach is having to do with the design or the purpose of something.

Itti dabalee, yemmuu dubbatu “tokko tokkoon ogummaa fi tokko tokkoon gaaffii saayinsii, akkasumas, bifa wal fakkaatuun, tokko tokkoon gochaa fi kaayyoo isaa irratti xiyyeeffatee waan gaarii gosa tokko irratti dha.

(every art and every scientific inquiry and similarly every activity and purpose may be said to aim at some (Aristotle).

Qajeelfama yaada falmii Aristotil kana akkaataa kiristaanitaaf mijatutti kan jijjiire Tooamas Akuyinaas dha.

Ogummaan, Saayinsiin, herregni fi gochawwan gosa adda addaa akkuma jiraan akkauma kana, raawwiin isaa adda addaa ta’ee jiraata. Fakkeenyaaf, faayummaan namoota xumura ogummaa hakimootaati. Tooftaa kan nuti baafnuuf milkaa’ina gosa tokkoof dha.

Kanaafuu, “kan xumuraa: kan nuti jennu, qajeelfamni murtoo sirna naamusaa maal iyyuu haa ta’u, inni guddaan wanti raawwatame sun xumurri isaa maal akka ta’u yaadatti qabachuudhaan murtoo kennuuf qajeelfama mala guddaa geggeeffamu ta’uu isaa ni hubanna.

2. Deonological

Afaan Giriikiin Deon jechuun “gocha” jechuudha.

Jalqaba irratti qajeelfama kana namni beeksise nama 1724-1804 keessa jiraate, Amaanu’eel Kaantidha.

Kaanti wantoota/karaa gara beekumsaatti nama fidan karaa lama(2) ilaale.

Isaanis: “Theoretical Reason fi Practical Reason” dha.

1) “Theoretical Reason” jechuun seerri uumamaa amala namaa attamitti akka bitan gara beekutti kan itti dhufnu dha. Isa kana keessatti mirga filannoo kan jedhamu hin yaadamu.

2) “Practical Reason” jechuun namotni filannoo isaanii akkamitti akka murteessaan akka hubannuuf kan nu gargaaran dha. Namootni gocha qajeelfamagosa tokko irratti hundaa’e filannoo miira isaaniiraawwatu. Kanaafuu, kan gochuu qabu ni hubanna. Mee fakkeenya haa ilaallu . Dhugaati nama macheessuu fi fakeenyaa konkolaachisummaa Tiyooliin Loojikii kan inni nutti himu, dhugaatiin nuti dhugine dhaqna keenyaa irratti waan inni fidudha.

Gochii Loojikii immoo, kan inni nutti himu, dhugaatii nama macheessuu dhuginee gonkumaa akka hin konkolaachiifneedha.

Akka ibsa kaanti, wanti gaarii ta’e galma jireenyaa naamusaa qabudha. Kun immoo, sirna naamusaa keessa gara gocha mirikaanaa’atti adeemudha.

Kana irraan kan ka'e, akka goolaba kanatti yoo ta'e ,waan baay'ee gaarii ta'e (Supreme good) arguuf kalattiwwan sadan barbaachaaf irratti xiyyeeffannu.

- 1) Waaqayyoo (God)
- 2) Bilisummaa (Freedom)
- 3) Du'uu dhiisuu (Immortality)

Mee isaan kana sadan tokko tokko isaanii haa ilaallu :

1. Waaqayyoo (God)

Waaqayyoo kan inni jedhameef sababni isaa, dhalli namaa ofii isaanii irra waan baay'ee gaarii ta'e bira gahuu waan hin dandeenyeef Waaqayyoon waan nu barbaachisuuf dha.

2. Bilisummaa (Freedom)

Bilisummaa kan jedhameef sababni isaa dhalli namaa waan baay'ee gaarii bira gahuu ni danda'u yoo ta'e, filachuu waan qabaniif.

3. Du'uu dhiisuu/jiraachuu (Immortality)

Du'uu dhiisuu kan jedhame sabani isaa waan baay'ee ta'e bira gahuu jechuun, hojii baay'ee bal'aa waan ta'eef jireenya kan keessa utuu jirruu isa bira gahuu gonkumaa kan hin danda'amne waan ta'eef jireenya kana keessaa, jireenya isa itti aanutti isa bira geenya. Nama tokko amantii keessoo,murtoo isaa fi of qabuu,of bituu keessatti sirna naamusaa argannu dha . Kanaafuu, fedhii gaari jechuun sababa kan biroon osoo hin taane.Hojii keenyaa qofa waan ta'eef, hojii keenya raawwachuuf fedhii nuti qabnudha.Hawwii fi dhiibbaan keessaa garuu, hojii keenya irra nu fageessuuf yaaluu danda'u ta'a.

Gochii namaa kam iyyuu, naamusa gaarii kan qabaatu hojii isaa waan ta'eef dha. Fakkeenyaaf, sirna awwaalcha eessumaa keetii irratti argamu hin barbaadu ta'a. Garuu immoo, dhaquun hojii keeti. Sababaiin isaas dhaquu keetiin warra keefa kabaja qabdu agarsiisu waan filattuuf dha.

Kanaafuu, gochaawwan namaa kan isaan gaarii ta'an hojii keenyaa jennee waan hojjennuuf dha. Kana irraan kan ka'e, haalli sirna naamusaa kan inni ittiin madaalamu haala fedhii keenyaan osoo hin taane, fedhiin keenya kan inni uume fi ka'umsa fedhii keenya booda jirandha.

Jechama fakkeenya (Maxims)

Gochi kan inni murteeffamu qajeelfamoota yookan jechama haasaan fakkeenyummaa ofi keessatti qaban gochaawwan sana ittiin raawwannuun kan fakeenyi beekaman inni kenne akkana kan jedhudha. Ani gochaawwan koo kanan raawwachuu qabu haala namootni addunyaa kana irra jiran hundi itti raawwachuu qabaniin dha.

4. Relational

Qajeelfama kana jalqaba irratti kan beeksisee nama 1905-1995 jiraate, maqaan isaa Emaanuel Leeviinos jedhamudha. Namni qomoo Yihuudaa keessa taa'ee bakkii inni itti dhalate Lutuniyaa naannoo jedhamutti dha. Waggaa 17 itti gara Faraansaay deeme. Namni kun maatii isaa baay'ee isaanii ajeechaa Yihuudota irra keessatti nama dhatedha.

Namni kun amantii Yihuudii fi biyyoottan gara Lixaa gidduu wal mormii baay'ee guddaan akka jiru nama amanuu fi nama ija jabinaan falaasama biyyoottan gara Lixaa irratti hirkachuu namaa jabeessee mormedha.

Kanaafuu, Phaaphaas Joon Phaawuloos 2^{ffaa} biratti nama baay'ee kabajamaa ture.

Ethical Relativism /Relational Ethics

Akkataa armaan gaditti dhiyaatetti ilaalla:

- 1) Waan gaariin hunduu mudaa hin qabu /Emaanuu'eeliif waan gaarii fedhuu fi barbaaduu jechuun wiirtuu gaaffii falaasama hundaa ta'u qaba. Waan gaarii kana fedhuun jechuun immoo, Waaqayyoon barbaaduu jechuudha jedha.

Namootni dhuunfaa kanneen biroo keessatti warra hin argamne namoota adda (Unque)ti. Garaagarummaan kun immoo, waan gaarii fedhuu irratti. Garaagarummaan kunis faana Waaqayyoon (Trace) yookan immoo, karaa Waaqayyoo itti argamu dha .

“Waaqayyoo kan nutti argamu kallattiin osoo hin taane, karaa faana isaa ti .”

3. Faana Waan gaarii

Footoogiraafii kana keessatti Waaqayyoo akkuma aduu ti.Faana aduu kanaa immoo, footoo kana keessatti argina . Haa ta'u malee ,kan nutti arginu gartokkee fakkii footoo isa duraa qofa. Aduun sun tuqaa ijaan hin argamnee alatti (achitti) kan argamudha.Fuulli namoota, akka faana Waaqayyoo ti.

- ❖ Fuulli namootaa fuula namoota kanneen biroo wajjin walitti dhifeenya isaan qaban ibsu. Kun immoo, irra jireessa kan inni ta'u karaa ijaa ti.

- ❖ Walitti dhufeenya cimaan nama biraa wajjin godhamu immoo, faana Waaqayyoo ibsa. Haala akkasiin namoota biroo wajjin wal agarta.Tasa/gonkumaa haaluu hin dandeessan.
- ❖ Kana irraan kan ka'e, fuullii faana Waaqayyoo waan ta'eef aboo kan qabudha.

4. Fuullii akka sirna naamusaa ti

Kan nuti argamne nama kan biroo/ fuula jechuun sagaleen Waaqayyoo kan nu abboomu keessumaa dha.

- Yeroo dhiphinaa fuula namaa/fuula biraa irratti yeroo arginu, gocha sirriidhaaf hidhanneera jechuudha. Kanaafuu, fuulli sun gaarummaa iddoo itti gate ol kaasa.
- Fuullii nuun ala, bifa sammuu kan biroo akka qabu ibsa. Bifni ajaayibiisaan kun, gaarii ta'ee kan biroof itti gaafatamummaan akka nutti dhaga'amu nu damaksaa. Kanaafuu, asi irratti eenyummaa ofii isaa wiirtuu taasise gaaffidhaaf dhiyaate jechuudha. Kana malee, osoo hin taane utuu an jiru bakka fuula kooti,fuullii biraan olaantummaa qabaata jechuudha.
- Fuulli itti gaafatamummaan akka nutti dhaga'amu nu taasisa .Waan gaarii feenu barbaachuun keenya, gara ollaa keenyaatti nu qajeelcha/geessa.Waaqayyoo nuun karaa fuula nama biraa nu tuqa.

5. Qajeelfama sirna naamusaa murteessan sadan wal fakkii isaan isaangidduu jiru sadarkaa yaada bu'uuraatti namootni kan sirna naamusaa qabandha.

Murteessaan sirna naamusaa sadanuu waan gaarii kan qabandha.

Sadanuu kallattiiv sirna naamusaa kiristaanaatti wal argu..

- 6 Qajeelfamoota sirna naamusaa murteessaan sadan. Garaa gaarummaa isaan gidduu jiru raawwii irratti (Teleological) kaayyoonkan geggeeffamu waan ta'eef, walitti dhufeenya irratti (Relational) walitti dhufeenya (hariiroon kan geggeeffamu waan ta'eef dha

2.5. Yaad-rimeewwan (wixineewwan) dhugaa

Dhugaan maal inni ?



Dhugaa waan jedhamu jiraa? Wanti dhugaa jedhamu sirritti yoo ta'e, dhugaan maal inni? Dhugaan namaan tokko irraa nama biraatti , iddoodhaa gara iddootti kan jijjiiramu, ilaalcha haala irratti kan hundaa'udha moo, haal- duree kam iyyuu kan hin hordofne bu'uura jiraataadha? Dhugaa ilaalchisee, falmiwwan geggeeffaman naannoo qabxiilee bu'uuraa lama irratti kan xiyyeeffatandha. Isaanis: Dhugaan maal inni? Dhugaa dhugaadha kan jechisiisu (yoo jiraate jechuudha) kun waggoottan kumaatamatti lakka'aman keessumattuu, falasama keessatti falmiwwan baay'ee gurguddoo fi falmiwwan bala'aan kan irratti geggeeffamaa turedha.

“Dhugaan, ilaalcha fedhii nama dhuunfaa yookan, fedhii hawaasaan murtaa'u dha malee, yeroo, haala ,iddoo kenname sanaan ala kan deemu, mata duree yeroo hunda jiraatu miti” jechuun hogeeyyiin akkasitti amanan jiru. “Sabni tokko, yookan namni dhuunfaa tokko, dhimmoota dhugaa, yookan, soba jechuun hin qabu yoo ta'e, sabichi raawwatee adda ta'uun isaa dhugaa

dhaabbata akka hin taane kan agarsiisu dha” kan jedhu qabxii falmii kaasuun namootni falman jiru.

Eeyye, dhimmi kun hanga jaarraa 19^{ffaa} itti kufaa barumsaa kamiyyuu keessatti, ibsi waa’ee dhugaa dhiyaatu “Dhugaan kan hin jijjiiramne, yeroo hundaa kan jiraatu akka ta’e kan agarsiisu ture” jechuunn yaad rime waa’ee dhugaa irratti kan hundaa’e ture. Jaarraa 20^{ffaa} 21^{ffaa} keessatti garuu, “Dhimmi dhugaa kan hin jijjiiramnedha jedhu jecha yeroon itti darbe, taarin mallattoo barumsaan boodatti hafummaa ta’a.” Waan dhabbataan dhugaa jedhamu hin jiru ilaalchii jedhu mallattoo barumsaan baay’ee deemuu, beekumsa ol’aanaa qabaachuu ta’aa dhufeera. Garuu dhugaan hin jijjiiramu . Dhaabbataa dha kan jedhu, beektotni cimoon baayy’ee maqaa gaarii qaban akka jiran beekamaadha.

Bara seena- qabeessaa tokko, baroottan kanneen biroo wajjin wal bira qabuudhaan barichaaf maqaa moggaasuun hoj-maata amaleeffamedha .

Fakkeenyaaf, yeroo seenaa kam iyyuu wajjin wal bira qabamee yeroo ilaalamu, qaroomni guddina kan keessatti hin agrsifnee fi wallaalumni kan keessatti mo’e bara 476 irraa eegalee hanga 1000 itti seenaa jiru/barra jiru dha. Bara dukkanaa akka jedhamu taasiseera bara 1350-1600 kan jiru immoo, biyyotni Aworooppaa qaroominaan yeroo isaan itti guddatan uumama meeshaalee maxxansaa irraan kan ka’e, beekumsi yeroo itti babal’ate, herregni, saayinsii, aartiin, beekumsi ijaarsaa gamoo (Archtechur), k.k.f yeroo isaan sadarkaa ol’aanaa irraa gahaan ture.

Barri kun akka bara jalqaba qaroomaatti waan fudhamuuf, yeroo beekumsi lammataa deebi'ee jedhamuun akka beekamu dirqama itti ta'eera. Age of enlightenment kan jedhamu jaarraa 18ffaa irraa eegalee isa jiru olaantummaa loojikii kan jajjabeessuu waan hundinuu gaaffi sammuu keessa galuu qaba jechuun sochii falmudha.

Bara haaromsaa jedhamu kan beekamu jaarraa 16ffaa Lixaa Awuroppaa itti kan argantu waldaa Katoolikii keessatti haaromsi jalqabame keessumattu, ji'a Onkololleessaa bara 1517 keessa biyya Jarmanitti karaa Maartii Luuter sochii haarumsa amantii kan ilaallatudha. Bara sochii haaromsaa keessa kan uumama hundaa eegalaman hafuura gurgurdoo arfan jechuun warra Luuter warra haaromsaa warra Cuuphaa lammaaffatti amananii akkaumsa warra Angiliikaan dha. Bara kana keessa, manneetiin barnootaa waa'ee (Dubbi) waaqqayyoo kan banaman yemmuu ta'u, dhaabbileen barsiisa fi caasaa waldaa kaatolikii itti hiikani ibsa itti kennan eegalaman.

Barri Mooderniizimii jedhamuun beekamu xumura jaarraa 18ffaa akkasumas, jalqaba jaarraa 20ffaa irraa eegalee, hanga bara 1914 itti yeroo jirudha.

Barri Poost-Mooderniizim jedhamuun beekamu, falaasotni saayistootni hawaasaa,beeqtotni baarnoota waa'ee fakkii adaa barnootaa wa'ee ogummaa, fakkii waa'ee qusannoo qabeenyaa akkaumsa, haala hawaasummaa agrsiisuuf jechichatti gargaaramu.

Barri addaan ba'ee kan itti beekamu sirna daldala fi aadaa daangaa hin qabne. Oomishtummaa irraa fayyadamummaa saboota biratti beekamu isaa beekumsi akka mi'aatti/qoodatti ilaalamu isaa aakkaumas dhugaan dhaabbataa osoo hin taane yaada/ilaalcha nama irratti hundaa'a ilaalcha jedhuun beekama. Dhugaan maal inni? Dhugaa dhugaadha kan jechisiisuu maal inni dhimmi jedhu bu'uura qabeessaa ta'uun isaa akka jirutti ta'ee dhimmii kun yeroo kamiyyuu irra caala kana namoota wal falmisiista'uun isaa qu'annaa kana ta'uun isaa qu'annaa kana adda isa taasisa. Mata -dureen kun gadi fagoo yoo ta'ee iyyuu, nuti amantootni warri dhugaa jaallannu barumsa isaa isa rakkisaa fi wal xaxaa ta'e sanaan osoo mogoleen nan bu'in yeroo fidhannee qoruu qabna. Dhugaan maal inni gaaffii jedhuu amanti kiristaanaaf ta'e hundee amantiif utubaa fi dagalee dha. Amantiin kiristaanaa dhugaa addunyaa bakkeetti mul'attu kanaa wajjin dhimma tokko ta'uu ti kan jedhudha.

Relativism jechuun maal jechuudha ? Dhugaan maal inni? Akkasumas, relativism jechuun maal jechuudha isa jedhu ilaaluu keenya dura gaaffilee/yaadolee

Armaan gadi arfan ilaaluu gaarii gaarii ta'a. isaniis:-

- 1) Dhugaa dhaabbataa (objective truth) jechuun maal jechuudha?
- 2) Dhugaa yaada namaa irratti hundaa'u (subjective truth) jechuun maal jechuudha?
- 3) "Relative truth" jechuun maal jechuudha?
- 4) "Moral truth" jechuun maal jechuudha?

Gaaffileen kun, gaaffilee bu'uura ti. Mee isaan kana haa ilaallu. Jalqaba irratti dhugaa dhaabbataa fi dhugaa yaada nama irratti hundaa'an wal bira qabne ilaalla.

1. An qayyi sirrii nan jaalladha.
2. Qayyi sirriin osoo vaayitaminii tasa hin qabu ta'ee, natti tola.
3. Qayyi sirriin vaayitaminii hin qabu.

Hima isa jalqaba irratti namni sun ilaalcha ofii isaa qayyi sirrii irratti qabu dubbata malee, waa'ee maalummaa qayyii sirrii homaa hin dubbanne . Kun egaa dhugaa yaada namaa irratti hundaa'ee jedhama . Namni tokko qayyi sirrii nan jaalladha jedhee dubbachuu isaaf attamitti qayyi sirrii jaallatta? Kun dogoggora dha. Yookan immoo, kun sirriidha jechuu hin danda'u. Inni kun kan inni jedhamu namni tokko yaada ofii isaa irratti hundaa'ee ti kan inni akkana jedhu waan ta'eef jechuudha. Hima isa lammaffaa yeroo ilaallu garuu, vaayitamiin qayyi sirrii keessa kan inni jiraatu fedhii nama sanaan osoo hin taane, qayyi sirriin eenyummaa dhaabbataa uumamaan of keessatti qabuun qofaadha. Qayyi sirriin vaayitamiin qaba moo, hin qabu kan jedhu kan inni hiikamu fedhaa fi dhannama namootni dhuunfaa qabaniin osoo hin taane, qabiyyee qayyii sirriin of keessatti qabuun dha.

Himni inni jalqabaa dhugaa yaada nama irratti hunda'uu kan ilaallatuyemmuu ta'u inni lammaffaa garuu qayyi sirriin vaayitamiin inni of keessatti qabate yaada ofiitiin murteessuuf yaalii godhamee waan ta'eef dogoggora. Inni sadaffaan garuu, waan dhaabbataa (qabatamaa), bifa dhaabbataa/ qabatamaa ta'een hiikuuf yaalii taasifamedha.

Amma eegaan yaadolee “relative” fi “objective” jedhaman hiikuu ni dandeenya. Yaadni relative truth jedhu dhugaan iddoodhaan, yeroodhaan,haalan kan murtooftudha ilaalchi/yaadni jedhu “relative truth” jedhama. Karaa biraa immoo dhugaan iddoon yeroon haalaan kan murtaa’u osoo hin taane, dhugaan waan yeroo hundi bakka kam itti iyyuu dhugaa ta’ee, beekamudha kan jedhu “objective truth” jedhama. Namootni bara durii lafti akka gundoo diriiraadha yoo jedhan, namni bara kana immoo, isa kana yoo morman, inni jijjiirama ilaalchaaf yaada ti malee, jijjiirama dhugaa miti.Sababiin isaa, lafti akka gundoodiriiraa ta’uu irraa akka hanqaaquu gara ta’utti jijjiirameera jechuu miti. Dhugaan tokko tokkoo namoota murtaa’aniif qofaaf dhugaa ta’uu danda’u,namoota kanneen niroof dhugaa ta’uu dhiisuu danda’u . Fakkeenyaaf ,namootni dhukkuba sukkaaraa qaban guyyaa guyyaatti marfee Insuliinii fudhachuu qabu yoo jedhame, inni kun namoota dhukkuba sukkaaraa qabaniif dhugaadha. Namoota kanneen biroof garuu, dhugummaa hin qabu . Haa ta’u malee, dhugaan kun isaaniif dhugaa ta’ee, nuuf immoo, soba ta’a jechuu miti.Dubbichi dhugaa dha, dhugaan dhaabbataa dha yaadni jedhu, seera loojikii sadii warra bu’uura jedhaman irratti hundaa’ee ti. Seerri loojikii kanneen bu’uura ta’an sun yaadni wali gala isaa qaban, namni tokko dhimmi tokko,mata dureen tokko ,dhugaa fi soba ta’uu isaa mirkaneeffachuu yoo danda’ees ,hin danda’u yoo ta’es ,mata dureen sun dhugaa ,yookan soba, ta’uu isaa hin oolchu kan jedhu irratti hundaa’ee ti.

Seerota loojikii kana irraa dhugaan nuti hubannu/barannu.

1. Relativisimin dhugaa yookan ta'a malee tasa lamaanuu ta'uu hin danda'u. Dhugaan ta'ee osoo jiruu jechaa an mataan koo dhugaa dha jechuu waan ta'uuf kan wal mormu ta'a. yoo soba ta'e immoo dhimmichi murtoo yaada ofii irratti kan hundaa'ee waan ta'eef filannoo, aadaa ilaalcha nama sanaa kan bakka bu'uu malee waa'ee dhugaa kan dubbatu hin ta'u.
2. Namootni bara durii lafti akka gundoo diriirtuu turte jedhanii amanu turan. Nuti namootni bara kana keessa jiraannuu garuu, jechii kun dogoggora akka ta'e beekna. Jechi namootni bara durii hubannaa lafti diriirtuu turte kan jedhu dhugaadha.
3. Dhugaan reletiviidha ilaalchii jedhu, haal-duree dhugaa fi ulaagaa dhugaa kan waliin dha'u, kan waliin makudha. Haal -duree dhugaan dhaabbataa jechisiisu eeyummaa bu'uura ti. Fakkeenyaaf "Abbebeen Makkaane Yasuus Semiinaritti dubbii Waaqayyoo barata himni jedhu kan inni dhugoomu namni Abbebee jedhamu bakka jedhame sanatti dubbii Waaqayyoo barachaa yoo jiraate qofa. Ulaagaa dhugaa kan nuti jennu garuu, Abbebeen mana barumsaa caqasame sanatti dubbii Waaqayyoo barachuu isaa karaa nuti ittiin barrudha. Fakkeenyaaf, namoota ragaa ijaan isa argan, dhuga ba'umsa mana barumsichaa. Namootni adda addaa karaa garaa garaa itti adeemu.

Dhugaa sana qulqulleeffachuuf karaa namni tokko itti gargaaramu namni kan biroon beeku dhiisuu danda'a. Waa'ee teessuma/boca lafaa

ilaalchisee, namootni yeroo ammaa ragoolee haaraa argachuu isaanii irraan kan ka'e, duraan dhugaa dha jedhamee kan fudhatame amma dhugaa ta'uu dhiisuu danda'a. Kan irraa kan nuti barannu, ulaagaan nuti dhugaa ittiin mirkaneeffannu adda ba'ee beekame jechuun haal-duree dhugaatu adda ba'ee beekame jechuu miti. Kanaafuu, dhimmi lafti diriirtuudha jedhu haala dhaabbataa qabatamaa ta'een dhugaa, yookan soba dha. Kun garuu, kan inni ta'u karaa mirkaneeffanna keenya ilaalcha keessa osoo hin galchin dha.

4. Loojikiin Aristootil, Loojikii biyyoottan warra gara Lixaa waan ta'eef, aadaa biraa keessatti dhugaa ta'uu hin danda'u kan jedhu mormiin dhiyaachuu danda'a. Haa ta'u malee, jechii kun mataan isaa kan inni dhugoomuu danda'u ,dhugaa hin jijjiiramneen mirkanaa'e yeroo jiraatu, yookaan immoo, seerri loojikii Aristootila sadan yoo isaan dhugaa ta'an qofa. Seera Loojikii kanaan kan mormu jechuu kam iyyuu, kan wal-mormu haasaa hiika hin qabnedha.

Yaad-rimeewwan (wixinee) dhugaa

Kutaa kana keessatti yaad-rimeewwan dhugaa ilaalla . Yaad-rimeewwan kun bakka saditti kan qoodaman yemmuu ta'u, isaanis: walitti dhufeenya kan ilaallatu, qindaa'ina kan ilaallatu fi gocha kan ilaallata jedhamuun beekamu. Isaan kana dabareedhaan mee haa ilaallu .

1. Yaad rime dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu

Yaad-rimee kana sirriitti hubachuuf hiika jechoota armaan gadii dursanii beekuun barbaachisaa ta'a. Dhugaa baatuun kun hima kan

ilaallatu dha. Innis, hima faayidaan dhugaa yookaniis soba ta'e ergaa sana dabarsuu jechuudha. Fakkeenyaaf, bishaani halluu tokko iyyuu hin qabu himni jedhu, jecha dhugaa baatuudha.

Kan dhugaa uumu jechuun, hima dhugaa baatuu sana akka inni dhugaa ta'u kan taasisee jechuudha. Fkn:himni "Margi Biqilaa halluu magariisaa qabudha" jedhu kan inni dhugoomu margi yammuu ilaalan halluu isaa magariisaa ta'u isaa ti malee, namootni kana amanuu fi amanuu dhiisuu isaaniin kan hin jijjiiramne ta'u isaa agarsiisa.

Hiika isaan hanga tokko hubanneerra ta'a ,amma gara mata-duree keenyaatti deebina.Yaad-rimee dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu jechuun himni tokko kan inni dhugoomu himichi addunyaa wajjin walitti dhufeenya uumee (qabaatee) yoo argameedha kan jedhuudha. Kana jechuun himni tokko waan bakka bu'ee jiru/waan waa'ee isaa ibsu sana waliin karaa tokko dhugaa jechuu dha. Dhugaan addunyaa wajjin walitti dhufeenya kan qabudha.

Dhugaa jechuun hima dubbii waan waa'ee isaa dubbatamuu jechuudha.Dhugaan qabaachuu yeroo jennu wantoota (Materials) akkasumas, yaada (Ideas) jechuudha .

Haa ta'u malee, karaa lamaanuu waan beekamaan qabatamaan (Reality) kan jiru yemmuu ta'u, dhugaan (Truth) immoo, waan beekamaa (Reality) sanaa wajjin dhimma jiru sana sirriitti kan bakka bu'uudha. Sababiin immoo, waan beekamaa (qabatamaa) Reality wajjin kan hin adeemne tokko kan hin taane yookan hunda jechuudha.

Namootni yaad-rimee dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu morman, Yasuus “An dhugaa dha “(Yoh14:6) yeroo jedhu dhugaan namummaa (nama kan ilaallatu (personal) malee, kan himaan dhiyaatu /prepositional/ akka hin taane kan agarsiisu dha jechuudha. Kan himaan dhiyaatu ta’uu dhiisuu ishee addunyaa wajjin walitti dhufeenya hariiroo qabaachuun dirqama barbaachisaa ta’u isaa kan agarsiisuudha.Yaada jedhuun dha. Haa ta’u malee nama kan ilaallatus (personal) ta’e kan himaan dhiyaatu (prepositional) waan beekamaa/qabatamaa (reality) wajjin walitti dhufeenya uumuun isaan hin hafu. Yasuus calaqqee sirri waaqa isa dhugaa fi waaqa ijaan hin argammedha.(Ibr.1:3). Yasuus Abbaa isaa fakkaataa (Correspond) (Yoh1”18;14:9). Waaqayyo Abbaan garuu, isaan ala homtuu waan kan biraan waan hin jirreef, innumti mataan isaa dhugaadha. Akka ilaalcha yaad-rimee dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu itti, dhugaa kan jedhamu addunyaa mul’atu kana sirriitti kan bakka bu’uudha yoo jenne, Waaqayyoo inni dhugaadha jechuuf maal wajjin walitti dhufeenya qabaatee ti?

Karaa biraa dhuguma Waaqayyo (Room3:4) maaliin mirkaneeffachuu danda’ama?Gaaffii jedhu uumuu danda’a.waaqayyoo ofii isaa wajjin ofiisaaf dhugaadha.Dhimmi dhugaa jedhu waan biraa wajjin wal bira qabnee ilaaluun waan ta’eef ,Waaqayyoo dhugaa osoo hin taane, madaallii dhugaa hundaa ti. Wantootni kan biroon hanga tokko iyyuu haa ta’u malee, isaa wajjin walitti dhufeenya waan qabaniif dhugaa yoo jedhaman iyyuu, inni garuu, ofii isaan ala waan kan biraa kamiin iyyuu, waan hin fakkeeffamneef, waan kam iyyuu, wajjin walitti dhufeenya qabaachuu hin danda’u.Dhimmi walitti dhufeenya

jedhu waan isaan ala ta'e kan ilaallatu wajjin waan ta'eef, kallatti kanan yeroo ilaalamu Waaqayyoo dhugaa hundaa ti. Waaqayyoon ala wanti jiru waan hin jirreef, kan inni ittiin madaalamu ofii isaa qofa wajjin ta'a jechuudha. Bifa kanaan, Waaqayyo ofii isaa wajjin raawwatee tokkodha.

Yaad-rimeen dhugaa kun dhugaa ta'uu isaa akkamiin beekuu dandeenya?

Yaad-rimeen dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu dhugaa ta'uu isaa akkamiin beekna? himma jedhu karaa lama debsuun ni danda'ama. Isaanis: Addeessaa/falmii taatee ilaallatu (descriptive argument) fi falmii diyaalektikaal (dialectical argument) jedhamu. Isaa kana mee haa ilaallu. Addeessaa/falmii taatee ilaallatu (descriptive argument) yaad-rimeen dhugaa walitti dhufeenya dhugaa ta'uu isaa kan ittiin agrsifnu akkaataan falmiin kun ittiin geggeeffamu taatee tokko akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan taatee sana irraa waa'ee dhugaa waan baratan agarsiisuudhaan

dha. Fakkeenyaaf ,namoota lama fudhannee haala kana hubachuuf haa yaallu. Isaan kunis, maqaa nama tokko Abbebee isa biraa immoo, Daawwit haa jennu, Abbebeen mana barumsaa itti barachaa jiru, mana barumsaa Iziraa irraa, bilbilli bilbilameefii kitaabni biyya alaati akka bitamuuf inni gaafate dhufeera waan ta'eef biiroo mana barumsaatti qarshii isaa kaffalee fudhachuu akka danda'u itti himamee haa jennu. Yeroo kana Abbebeen boocinnikitaabichi, sammuu isaa keessa deddeebi'a. Abbebeen waan sammuu isaa keessa deddeebi'uu sun dhugaa ta'uu isaa mirkaneffachuuf tarkaanfii inni fudhachuu qabu maal akka ta'e sirriitti beeka. Kan inni gochuu qabu biiroo deemee kitaabichi dhufuu isaa mirkaneeffachuu malee kaaffee demee Internetii

fayyadamuu miti. Kanaafuu, osoo inni gara biiroo deemaa jiruu yoo Daawwit isa arge ,eessa akka deemaa jiru osoo itti hin himin waliin gara biiroo yoo adeeman, kitaabni isaan achitti argan yaalii lamaan isaanii yoo ta'e iyyuu ,Abbebedhaaf kitaabichi naa bitama yaadni jedhu addunyaa irratti haala qabatamaa jiru wajjin tokko ta'uu isaa mirkanneesseera ijaan arguudhaan jechuudha.Kun Daawwitiif garuu, hiika adda ta'e homaa iyyuu kennuufi dhiisuu danda'a jechuudha.

Falmii Diyaalektikaa (Dialectical argument) namootni yaad-rimee dhugaa walitti dhufeenya ilaallatu hin simannee fi yaad-rimee dhugaa kana irraa adda ta'e dhiyeessuu barbaadan, yaad-rimee isaanii kan isaan dhiyeessan, haala yaad-rimee dhugaa bu'uureffateen ta'uun isaa yaada isaanii faallaa keessa galcha. Yaad rimee morman irratti hundaa'anii, yaad-rimee isaan faallaa ta'e qabaachuun isaanii ,yaad-rimee isaanii dhugaa dha jedhu yoo ta'e, dhugaa mormaa, yaad-rimeen keenya dhugaadha attamiin jedhu? Yaad-rimeen keenya dhugaa miti jedhu yoo ta'e immoo, soba fudhachuu hin qabnu .

Waa'ee yaad-rimee dhugaa walitti dhufeenyaa ilaallatu dhimmoota beekamuu qaban.

Yaad-rimee dhugaa kana sirriitti akka nuti hin hubanneef madda isaa kan nu jalaa booreessan yaadolee dogoggoraa baay'ee tu jiru. Isaan keessa kutaa kana keessatti hanga took ilaalla. Isaanis:

- 1) Dhugaan “relative” dha jedhan. Dhugaan “ relative” dha yoo taate ,dhugaan kun dhugaa namootni hunduu fudhachuu/ simachuu qaban osoo hin taane, ilaalcha nama dubbate sanaa qofa ta'a jechuudha. Akka kana yoo ta'e immoo,

ilaalcha nama dubbatee sana akka waan dhugaatti fudhachuuhin hin qabnu jechuudha. Relectiviizimiin dhugaan jira kan jedhu haal “relative” ta’een dhugaadha jedhama yoo ta’ee, dogoggora; seeraa loojikii wajjin kan wal dhiitu ta’a jechuudha.

- 2) Relectiviizimiin sirriidha yoo ta’e, jecha namootni “addunyaan keenya wantoota faallaa taniin kan guutamte taati” jechuudha. Wanti nama tokkoof dhugaa ta’e, nama biraaf soba yoo ta’e ,wantootni faallaa ta’an dhugaa ta’u jechuudha.
- 3) Solomoon barataa mana barumsaa Macaafaa Qulqulluu Iziraa ti fi Solomoon barataa mana barumsaa Macaafa Qulqulluu Iziraa miti kan jedhan dubbiin faallaa ta’an lamaan yeroo tokkicha hiika wal fakkaataa qabamiin dhugaa ta’uu hin danda’an. Yoo dhugaa ta’uu hin danda’an ta’e, dhugaa ta’uu hin danda’an jennee goolabuu dandeenya jechuudha.
- 4) Dhugaan relative dha yoo ta’e, namni tokko illee, dogoggoruu hin danda’u. Ulaagaa kamiin dogoggor-teetta jedhama? Ulaagaa kamiinis sirrii ta’uu danda’a?
- 5) Relectivizimiin dhugaa dha yoo ta’e, barumsi jiraachuu hin danda’u; barumsii ragaa haaraa fudhachuu/ qabaachuu qofa osoo hin taane, ragoolee dogoggoraa ta’an sirreessuu, yookan, balleessuu kan of keessatti qabatu waan ta’eef, dhugaa, yookan, sobni tokko illee hin jiru yoo ta’e, barumsi jiraachuu hin danda’u jechuudha.
- 6) Beekumsi nuti waa’ee waan tokko qabnu guutuu waan hin taaneef, wantota kan nuti beeknu wal bira qabuun waan ta’eef jechuudha. Dhugaa ta’e jiraahuu hin danda’u yaadni jedhu sirrii miti. Eeyyee, wantotni nuti sirriitti

mirkaneeffanee ni jiraatu. Fkn: Firii deebii ida'uu ,yookan, hir'isuu, yookaan immoo, seera harkisa lafaa (gravitational force) kkf. Namottni yaada/ilaalcha kana deggeran waan tokko dhugaa ta'uu isaa aragaan ittiin beeknu hin jiru dhimma jedhu dhugaan hin jiru kan jedhu wajjin walitti maku. Kun dogoggora dha.

Ragaan nuti dhiyyeessinu hangam cimaas ta'e, laafaa, haalaa isaa (reality) hin jijjiiru.Fkn:Finfinneen “Magaalaa guddoon Itoophiyaati jedhee isa kana ibsuu yoo hin danda’u ta’e,raga ittiin ibsu yoo hin qabu ta’e, inni kun dhugaa miti jechuu miti.Sababiin isaas ragaan jiraachuu fi faayidaa dhugaa hin jijjiiru waan ta’eef dha.

- 7) Dhimmootni gaarii, gadhee;guddaa, xinnaa; dhugaa, soba, kkf jedhaman wal bira qabani ilaalu irratti hundaa’ee waan ta’eef dhugaan jedhamu hin jiru jechuu danda’ama. Namootni tokko tokko Hiitiler wajjin wal bira qabanii yoo ilaalan taarii Maariyaa Tirezaa wajjin yeroo wal bira qaban immoo, wal qixa ta’uu danda’u. dhimmi kun dhugaa guutuun akka hin jirre kan agarsiisuu dha yoo jedhame garuu, dogoggoora ta’a. Sababin isaa, waliin madaaluu kana kessatti dhugaan darbuu hin dandeenye jiru waan ta’eef jechuudha.
- 8) Dhugaan osoo hin jijjiiramu ta’ee waan haaraan hin argamu ture kan jedhan namootni jiru. Waaantotni haaraa tkanisaan ta’an nuuf dha. Haa ta’u malee, haaraa wanti jedhame dhugaa duris tureedha. Namootni dhugaa ni argatu malee, dhugaa hin uuman. Dhugaan yeroo tokko dhugaa ta’e, yeroo kam iyyuu dhugaadha.

- 9) Beekumsi nuti waan tokko irratti qabnu jabaa miti jechuu miti. Argannoowwan saayinsii dhugaa moofaa (isa duraanii) irraa gara dhugaa haaraatti kan deeman utuu hin taane ,namootni mata duree sana irratti beekumsa qaban
- 10) guddachaa adeemusaa kan agrasiisudha. Nuti warra guutuutti jechuun waa'ee dhugaa raawwannee beekumsa qabna jechuu miti.
- 11) Namootni kanneen ilaalcha dhugaa guutuu itti amanan/ deggeran boqu-jabeeyiidha jedhama. Nuti ilaalcha sirrii hin taane waan fudhachuu dinneef, isaanis taanaan kan keenya waan hin simanneef boquu jabeeyiidha. Kanaafuu, ceepoon gosa lamaanuu irraa kan jiraatu ta'a, haa ta'u malee, gaaffiin gaafatamuu qabu: kanneen dhugaa guutuu itti amanan boqu jabeeyyi kan ta'an,maal irratti?jedhanii waan itti goganiif dha. Akkasumas, warri ilaalcha reletivizimii hordofan maalitti boqu jabeeyyii ta'an?Soba gadi hin dhiifnu jedhan waan itti goganiif dha dhimmii jedhu itti yaadamuu qaba.
- 12) Namootni kanneen ilaalcha dhugaa guutuutti amanan/hordofan dhiphoota jedhama. Mee 2 ida'uu 2 deebin isaa 4 ta'ee osoo jiruu, filannoo kam iyyuu malee deebiin isaa 4 jechuun keenya dhiphummaadha jedhanii yaaduun sirrii miti. Haa ta'u malee ,deebichi sirriidha jedhanii murteen qabaachuun dhiphummaa ta'ee, dhugaa qabatani dhiphoo ta'uu nuuf hin wayyu?

Yaad-rimee dhugaa qindaa'inaa ilaallatu

Akka ilaalcha yaad-rimee dhugaa qinda'inaa ilaallatutti, himni tokko yookan amantiin dhugaa dha kan jedhamu namni tokko dhugaadha jedhee waan inni amanu tokko wajjin qinda'ina uumee yoo argame qofaadha. Kanaafuu ,hima tokko dhugaa, yookaan soba, kan jechisiisu addunyaa kana osoo hin taane, amantiin tokko amantiin kan biroo wajjin qindaa'ina uumuu isaa ti.

Deggertoota yaad-rimee kanaa keessa kanneen armaan gadii iddoo guddaa qabatani jiru . Isaanis: Sipiinoozaa (1632-1677); Hegil (1770-1831). Yaad-rimee dhugaa qinda'ina ilaallatu keessa rakkoo guddaa jiru qindaa'inichi kan inni uumamu akkamiindha? Kan jedhuudha. Akkasumas, qinda'inaa isa biroo attamiin beekuu danda'ama ? ,gaaffii jedhu deebisuuf, gahumsa dhabuu dha. Namni tokko an muka gaattiraa ti, akkasumas, muki gaattiraa ni sosocho'a jedhee yoo amane, ilaalchi nama kanaa yaadolee baay'ee wajjin qinda'ina yoo uume, namni kun sirrii akka hin taane akkamiin beekuun danda'ama? Kana fudhate murtoon kee, yookan amantiin kee ,sirriidha; yookan dogoggora jedhanii murteessuun ulfaata ta'a.

Yaad-Rime Dhugaa Gocha kan ilaallatu

Yaad-rimeen dhugaa gochaa kan ilaalltu kan inni eegale Wiliyaam Jemsi (1842-1920); Joon Diwwii (1859-1952) akkasumas ,falaasotni bara kanaa karaa Hilaarii ,Putinaam fi Richaard Roortiiti. Akka ilaalcha kanaatti, dhugaan tokko kan inni dhugaa ta'u, kan inni dhugaa jedhamu, dhimmichi faayida qabeessaa ta'ee yoo argame qofaadha. Namoota simatan sanaaf bu'aa akka agarsiisu yoo beekame qofa. Hordofootni ilaalcha kanaa ibsa ilaalchaa irratti

yaada adda addaa qabu kana irraan kan ka'e, bakka lamatti qoodamu. Gareen tokko, waan tokko kan, inni sirrii ta'u firii barbaachisu yoo agarsiisee qofa dha. Kunis, gammachuu kan dabaluu dhibee kan salphisu ta'uu isaan malee ragaa dhiyaatuufiin miti.

Gareen inni biraan immoo, waan tokko dhugaadha kan inni jedhamu

- ✓ Dhugaa ta'uu isaaf ragaa loojikii irratti hundaa'e yeroo dhiyaatuuf
- ✓ Ragaa sana namootni loojikii hunduu ragaa gahaa, yookan ,quubsa dha jechuun yoo simatan, akkasumas, dhimmicha ibsuuf ga'umsa yoo qabaatedha. Waluma gala, yaad-rimee dhugaan qinda'ina ilaallatu , akkasumas, yaad-rimeen gocha ilaallatu yaad-rimee dhugaan kan hin jijjiiramne dhaabbataan dha yaada jedhu kan morman dhugaan relative dha yaada jedhu kan deggeran dha.

2.5. Kiristaanummaa keessatti faayidaa falaasamaa

Falaasummaa baruun kiristaanotaa fi tajaajiltootaaf faayidaa maalii qaba ?

Namootni yeroo adda addaa gaaffilee jireenya ilaallatu ni kaasu .Gaaffilee akkanaa kanas deebisuudhaaf ni yaalu. Kana boodas, namootni baay'een akka itti walii galanitti jireenyii gaaffidhaan kan guuttedha jechuun xumuru.

Haa ta'u malee, namootni falaasota ta'an gaaffilee jiran tokko tokko isaaniif deebii kennuu qabu . Yoo hin ta'u ta'e illee, gaaffichi firii jiraachuu akka ta'e

akka beekan gargaaruuf ni yaalu. Kanaafuu, namootni falaasama gargaaran fi namootni gara falsamaatti dhiyeenya qaban, namoota saayinsii kana irraa hiika jireenyaa fooyyaa'aa ta'e qabaachuu danda'u. Nama falaasama namni hin taane, wanti namoota falaasota ta'an kan ofitti hawwatu isaaniin ofitti hin hawwatu. Kanaafuu, sammuu namootaa karaa fooyyaa'aa ta'ee itti gargaaramuu akka danda'amuuf, waa'ee falaasama barachuun ni barbaachisa jechuudha. Faayidaa barumsaa falaasama barachuun kan nu agrsiisan hedduu yoo ta'an iyyuu, isaan keessa gurguddoon kanneen armaan gadii ta'u.

Isaanis:

- 1) Sabicha akka gaaritti akka hubannuuf nu gargaara, Falaasama hubachuu fi beekumsa gad fagoo karaa dame saayinsii kanaa hubachuun namootni saba isaanii irra caala akka gargaaran isaan taasisa. Namni sabicha gidduu jiru kam iyyuu, gaaffii jireenyaa inni kaasu kallattii adda addaan akka ilaalluu nu gargaara.
- 2) Amantii itti jiraannuuf, sababa gahaa akka qabaannu nu gargaaraa Addunyaan yeroo ammaa kana cal jennee kan keessa jiraannu, yookan, ilaalcha/amnatii ibsuu hin dandeenye qabannee kan keessa jiraannu miti.
- 3) Addunyichi kan keenya isa fudhanne kan itti ibsinu kan biroon, waan simachuu hin fudhanne kan itti ibsinudha. Isa kana gochuudhaaf, barumsi falaasama gahee guddaa kan nuuf qabu, dame saayinsii isa guddaadha.

- 4) Gatii hojii keenya nuuf qaba ; guddina sammuu isa baay'ee wal xaxaa ta'een ala, hojii keenya guyyaa guyyaan hojjennu irratti nu fayyada.
- 5) Wallaansoo kiristaanummaa guyyaa guyyaan keessa jiraannu keessa karaatti ba'uu dandeenyu nuu kenna.

Dhugaa dubbachuudhaaf, falaasama gad fageenyaan qu'achaa yeroo adeemnu, kiristaanummaa keenyaaf hiika kennuu isaa irra darbee, amantii kiristaanummaa keenya waan qoru fida. Kiristaanotni tokko tokko, yeroo adda addaa falaasama baratani jireenya kiristaanummaa irraa hir'ataniiru kan jedhu dhaga'anii waan hin beekneef, jireenya isaanii irratti dhiibbaa godhaa jedhanii waan sodaataniif barumsa kanatti baay'ee of hin kennan. Akka amantii irraa hin kufneef jechuudha. Haa ta'u malee, wal'aansoo kana darbanii kiristaanummaa isaanii afaan faalasumaan dhugummaa isaa addunyaatti beeksiisaa kan jiran fi baay'olii waltajjii gurgurdoon dhuguma kiristaanummaa beeksisuudhaan namootni dinqisiifachiisaa akka jiran hubannee, falaasummaaf gurra keenya kennuu qabna jechuudha. Amantiin kiristaanaa akkuma nu barsiisu, maddi dhugaa hundaa, dhugaa Waaqayyoo ti. Falaasamni immoo, wal'aansoo isaa madda dhugaa isa ta'e, kana hubachuudha. Kanaafuu, barumsi falaasamaa hubannaa waa'ee Waaqayyoo nuti qabnu nuuf dabala jechuudha. Seenaa keessatti akkuma ilaallu, namootni waa'ee Waaqayyoo beekuu qu'atan, barsiisaa isaanii kan isaan ijaaran, qabxii falaasama ittiin nama amansiisanitti gargaaramuun dha. Egaan, yaada falaasamaaf nu barbaachisu dhugaa Macaafa Qulqulluu isa

qabanne sana ibsuuf malee, isa qabanne shakkeen Laaboratorii falaasamaatti mirkaneessuuf miti.

2.6. Goolaba



Goolaba keenya irratti , falaasamni maal akka ta'ee fi akkaataan inni itti guddate gabaabsinee kaa'uu yaalla. Itti fufuudhaanis, Saayinsii Falaasama wajjin kan adeemu, maalummaa fi ibsa gad fageenyaa dhugaa gabaasinee keessa deebi'uun, boqonnaa kana gudunfuu yaalla.

Addunyaa falaasama keessatti baay'ee beekamaa fi abbaa falaasaa duraanii jedhamuun kan beekamu Sooqiraaxis yemmuu ta'u, isa dura falaasonti hin turre jechuu miti. Haa ta'u malee, qaroomina wajjin wal qabatee, falaasamaaf namni karaa saaqe jedhamu Soqiraaxis ture . Isa booda, baay'ee guddaatti Saayinsii falsamaa qopheessuudhaan hanga ammaatti falaasni akka isaa hin kaanee kan jedhamu, barataa Herregaa Sooqiraaxis kan ture, Pileetoodha.

Isatti fufee kan dhufe, bara falaasamaa Kilaasikaal kan caqasamudha.

Barri kun, manni barumsaa falaasamaa baay'een kan itti babal'atan akka ta'ee ni yaadatama. Yeroo manneen barnootaa babal'atan kana keessa, yaad-rimeen falaasamaa beekamoo fi falmisiisoo ta'an yeroo isaan itti babal'atan ture . Falaasama bara Kilaasikaal guddate keessa galuudhaan kan nuti ilaallu, adeemsa falaasama bara gidduu-galeesaa ti. Falaasotni Kiristaanummaa irratti dhiibbaa guddaa kan fidan bara gidduu-galeessaa kan keessa akka ta'ee beekama. Bara haaroomsaa falaasota beekamoo turan keessaa, Eraasmas (hojimaata aadaa Kaatolikii mormuudhaan nama sochii haaromsaaf karaa saaqe ture). Makiiveelee (nama falaasamni siyaasaa fiixeetti baheef); Toomaas

Muure (falaasa Kiristaanaa yemmuu ta'u, kitaaba Yutooppiyaa jedhamuun nama addunyaa kana dudubaachiise); Firaansiis beekan (dhugaan addunyaa mul'attuu kana keessaa ragaa qabaachuu qaba yaada jedhu nama calaqqisee dha. Jaarraa 17^{ffaa} bara Loojikii fi jaarraa 18^{ffaa} bara saayinsiin baay'ee fitti qarooma, anatu caalaan amantii yeroo inni itti ol ka'e mul'ate, bilisummaan beekumsaa yerootti ka'e, falaasamni dhugaa dhalachuun isaa bara misiraachoon itti himamee, jedhamuun barri beekamu kun, pre- Modernity itti. Itti dabalees, barri kun kan inni ittiin beekamu, falaasotni Loojikiiyi amananii fi kanneen isa irratti falmii geggeessan jedhamuun beekama.

Barattootni barumsa kana irraa qabxiilee armaan gadii hubataniiru jedhamee yaadama.

Isaanis:

- ❖ Kiristaanotni falaasama hubachuun faayidaa attamii akka qabu
- ❖ Sabichi haala fooyy'aa ta'een akka hubannu nu gargaara
- ❖ Amantii itti jiraannuuf sababa gahaa ta'e akka qabaannuuf nu gargaara.
- ❖ Wal'aansoo kiristaanummaa guyyaa guyyaan nu mudatu karaa itti mo'annu nuuf kenna.
- ❖ Dhugaa akkaataa aramaan gad jirutti hubaachuu fi ibsuuf isaan barbaachisa.

Isaanis:

- Objective truth
- Subjective truth
- Rational truth

- Moral truth jechuun maal jechuu akka ta'an hubataniiru.

Yaad-rimee dhugaa kan walitti dhufeenya, kan qindaa'inaa fi kan gocha dhugaa ibsuuf dandeesisu hubataniiru.



Gaaffilee Madaallii

1. Barnoota falsaa summaa armaan gaditti kennaman akkaataa dubbisa adda addaa fi moodula kana keessatti akka ibsametti, ibsa ifaa ta'e kenna. Itti dabalunis, barnoota Macaafa Qulqulluu wajjin kan walitti dhufeenya qaban waliin madaaluuf isaan gargaara. Jechootni kunis kanneen armaan gadi ta'u.

Isaanis: **Sophism, Cynicism, Skepticism, Epicureanism, Hedonism, Stoicism, Neo-Platonism** kan jedhaman kun kutaa lammaffaa kana keessatti kanneen ijoo ta'an dha.

- Falaasamni ofumaa waan hin taane irratti falsaaama geggeessuu osoo hin taane, dhugaa nama amansiisuu danda'uun ogummaa ogummaa ittiin jaallannudha.
- Falaasamni saboota Kirtistaana ta'an irraa kan fagaate osoo hin taane, Kiristaanota keessatti yaad-rimee dhiibbaa gaarii, yookan dhiibbaa gadhee, uumedha.
- Falaasotni akka hubannoo saayinsiitti Kiristaanummaa fi Macaafa Qulqulluu karaa fooy'aa ta'een hubachuuf faayidaa inni qabu baay'ee guddaa ta'uu isa ibsu.

3. 1Kutaa Sadaffaa:

Ibsa Gabaabaa Waa'ee Loojikii

Jechi “Loojikii” jedhus saba keenya biraatti waan beekamu fakkaata. Haa ta’u malee, meeqaan keenyatu sirriitti ibsa saayinsawaa isaa beeka laata?Inni jedhu gaaffii guddaa dha. Boqonnaan kun “Loojikii” ibsuu fi amantii keenya karaa Loojikaawaa ta’een namoota kanneen biroof ibsuuf kan nu dandeessisu ogummaa nu gonfachiisa kan jedhu amateen jira. Kanaafuu, yaad-rimee kana hubachuuf maalummaa Loojikii fi mata dureewwan kallattiidhaan Loojikii wajjin walitti dhufeenya qaban tutuquu yaalla . Ibsa keenyatti kallattiidhaan seenu keenya dura gaaffii kana irratti haa mariyannu .

3.1 Loojikii jechuun maal jechuudha?



Jechii Loojikii jedhu hiikni isaa sababa dhiyeessuu jechuudha .

Falaasama keessatti, keessumattuu, falaasama Giriik bara durii keessatti, ilaalchi ture nama beelada irraa kan adda isa taasisu dandeetti yaaduu, hamaa fi gaarii, dhugaa fi soba adda baasanii beekuu fi beekumsa kanaan geggeeffamuudhaa gocha isaa waan bu’a qabeessa ta’e irra oolachuuf dandeettiin isaa kan inni maddu miiraan geggeeffamuuun osoo hin taane, Loojikii irratti hunda’uun kan jedhudha.

Yaadoleen walitti hidhamanii jiraan fi kan wal hin faallesine, yaada tokko irraa ka'uudhaan isa wajjin walitti hidhamtee akkaataa ittiin yaadan irratti hundaa'uudhaan haalawwan gara goolaba sirrii ta'etti nama qajeelchan fi bu'aa kanaa ta'ee boocaa fi sirna yaada saayinsii qu'atudha.

Waluma gala, Loojikii qu'achuun dame saayinsii sababoota bu'a qabeessaa ta'an, sababoota bu'a qabeessaa hin taane irraa adda baafne kan ittiin hubannu, ulaagaa qu'annaa kan nu hidhachiisu dha. Haala ulaagalee kana hojii irra ittiin oolchinu karaa kan nu agarsiisu dha. Falmii ,yookaan dubbii tartiiba isaa eegnee haala amansiisaa ta'een sababaa fi raga dhiyeessuun dubbaachuutti qara bahaa akka adeemu kan nu gargaaru dha.

3.2 Waa'ee Loojikii Baruun Maalif nu Barbaachisa ?



Loojikiin dame saayinsii waa hedduuf gargaarudha. Faayidaawwan isaa keessaa gurguddoon kanneen armaan gadii ta'u .

Isaanis:

- ✓ Namootni yaada guddaa fi gad fagoo qabaatanii wantoota kallatti adda addaan ilaalu akka danda'an gargaaraa. Dandeetti Loojikii keenya guddifachaa haguma adeemnu, dandeetti dubbachuu horachaa adeemna.
- ✓ Rakkoo namoota hiikuu fi furmaata gaarii kennuuf nu gargaara. Namootni rakkoo koo jedhanii kan isaan dubatan rakkoo isaanii guddaa ta'uu dhiisuu danda'a. Dandeetti Loojikii fayyadamuudhaan gara yaada Goolaba rakkoo isaanii irratti akka xiyyeeffannu gargaara.

- ✓ Macaafa Qulqulluu keenya yeroo dubbifannutti, yaadolee wal falleessan fakkaataa tokko tokko ni argina. Yeroo akkanaa, beekumsa Loojikii nuti arganne kun rakkoolee akkasii keessa ogummaa ittiin darbinu nu gonfachiisa.
- ✓ Haalawwan rakkisoo jireenya dhuunfaa keenya keessatti nu mudataniif sababa kennuu dandeenyu akka qabaannu nu gargaara. Dandeetti fudhachuu, hubachuu uummachuun rakkoo keessa gallee keessaa akkaataa itti bahuu dandeenyu beekumsa nuu kenna.

Loojikiin, dame saayinsii falmii ibsudha . Loojikii keessatti falmii kan jedhamu kuufama himootaa ta’ee, qabxiileen falmii tokko, yookan tokko ol ta’an, akkasumas, qabxiilee falmii kana irraa ka’amee, waan tokko jabeessuuf, deggeruuf goolabni irra gahamu falmii jedhama.

3.3 Falmiin jechuun maal jechuudha ?



Falmiin, ragaa dhiyyeessuudhaan, dhugaa qabsiisuuf sirna dubbi eegee marii geggeeffamu malee, haasaawaa waa’ee hin baafne akka hin taane hubachuu qabna. Falmiin, dhuguma waan tokko qabsiisuuf dhimma geggeeffamu ta’ee, wantoota bu’uura lama guutamuu qabu. Ragaa dhiyyeessuun isa tokkooffaa yammuu ta’u, ragaan dhiyaate maal kan agarsiisa akka ta’e kan jedhu immoo, isa lammaffaa dha. Inni ragummaaf dhiyaate labsii dhugaa (Factual claims) kan jedhamu yemmuu ta’u, ragichi maal agarsiisa, yookan immoo, goolaba

falmichaaf yaada maal jedhu qaba kan jedhu immoo, “inferntial claims” jedhama.

Qabxiileen ragaa qabaatan qabxiilee falmii yeroo jedhaman, ragichi maal agarsiisa ,yookan yaada maal jedhu qaba inni jedhu, goolaba jedhama.

Falmii ilaalchisee, qabxiin nuti hubachuu qabnu tokko himootni dhugaa, yookan, soba ta’uu qabu.Jecha biraan, Loojikii keessatti himootni kan gaaffii, kan abboommii, kkf ta’uu hin qaban. Falmiin kan ini uumamau gatiin dhugaa isaanii dhugaa, yookan, soba kan ta’an himoota tokko, yookan, lama kan deggeru, yookan, deggersa kennuuf kan jedhu goolaba xumura tokkodha.

Fakkeenyaaf, himoota armaan gadii haa ilaalluu .

- A. Eessumooliin hunduu dhiirota
- B. Abbebeen eessuma
- C. Kanaafuu, Abebeen dhiiradha.

Fakeenyaa kana irratti “a” fi “b” qabxiilee falmii yemmuu ta’an, “c” immoo, goolaba /xumura jedhama .Mee amma immoo, himoota kana akkaataa armaan agaditti haa ilaallu .

- a. Eessumni tokko tokko furdaa dha.
- b. Abbebeen eessuma dha
- c. Abbebeen furdaadha.

Fakkeenya kana irratti “a” fi “b” qabxiilee falmii ta’an kun goolaba/xumura isa ta’e “c” deggeru jedhamanii yoo dhiyaatan iyyuu, goolabicha/xumura sana kan deggeran miti. Kanaafuu, falmiin gosa akkasii “invalid” jedhama.Falmiin “valid”

jedhamu, qabxiileen sirrii ta’anii goolabni /xumurri isaa seera ijaarsa Loojikii bifa eegeen ta’e soba, dogoggora .

Falmii keessatti wal dhiittaa mul’atan “valid” fi “invalid” ta’an jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya . Falmiin “invalid” ta’e, kan inni uumamu bifa/tartiiba falmichaa, yookaan immoo, caaseffama isaa irratti dha. Kanaafuu, dogoggora akkasii keessa baasuu kan dandeenyu caaseffama falmichaa, yookan, bifa/tartiiba isaa qorachuun dha.Mee falmii armaan gadii keessatti wal-dhiittaa ‘valid’ qalbeeffannee haa ilaallu.

- a. Namootni martinuu horrii lubbuu qabandha
- b. Harrooleen martinuu horii lubbuu qabandha
- c. Kanaafuu ,namootni martinuu harroolee dha.

Falmiin kun dhugaa (validity) qaba.

- a. ‘a’ martinuu ‘b’ dha.
- b. ‘c’ martinuu “b” dha.
- c. Kanaafuu “a” martinuu “c” dha.

Namni tokko, tartiiba falmichaa ilaaluu qofaan falmichi “invalid” akka ta’e baruu danda’a.Qubeewwan “a”, “b”, “c” jedhaman asii fi achii butaa tokko malee, haala dhaabbata ta’een namoota horii fi harroota bakka bu’uu malee, rakkoon tartiiba kan inni uumame falmii isa lammaffaa irratti dha. Kunis, “b” fi “c” osoo iddoo wal jijjiiraniiru ta’ee, dhugaa fudhatamaa kan qabaatu ture. Rakkoon (dogoggora) “invalid” keessa jiru baruu kan danda’amu, qabiyyee falmichaa qorachuu, ibsa itti kennuu qofan dha.

Fakkeenya armaan gadii haa ilaallu .

- A. Seerii hunduu qaama seera baasuun tumaamuu danda'a.
- B. Seerri harkisa lafaa seeradha.
- C. Kanaafuu, seerri harkisa lafaa qaama seera baasaniin kan tumamedha.

Falmiin kun, validity kan qabu fakkaata.haa ta'u malee, mee haa ilaallu.

- a. "a" hunduu "b" dha.
- b. "b" hunduu "c" dha.Kanaafuu "a" hunduu "c" dha. Kun immoo, tartiiba falmii "invalid"ti.

3.4 Wal diddaa jechuun maal jechuudha ?



Waa'ee wal-diddaa yeroo dubbannu, seera loojikii lama seera bu'uura kana irratti dursanii dubbachuun dirqama ta'a .

Isaanis: "law of identity and law of excluded middle " jedhamu"

Mee lamaanuu isaanii, tokko tokkoon, ilaalluu haa yaallu. Law of identify-seerri kun ofii isaa wajjin tokkodha. Waan kan biroo irraa raawwatee adda dha jedha.

Law of excluded middle- seerii kun immoo,himni tokko dhugaa yookan immoo, soba qofa ta'a malee, yeroo tokko hiika tokko qabaatee, dhugaas, sobas ta'uu hin danda'u seera jedhuudha.

Seerotni bu'uura loojikii kun, namni tokko dhugummaa fi soba ta'u mata-duree sanaa beekuu isaa mirkanneessuu yoo danda'es, yoo hin danda'u yoo

ta'es, mata duree sana dhugaa, yookan, soba ta'uu irraa hin oolchu qajeelffama jedhu irratti kan hundaa'ee dha.

Akka ilaalcha falaasama Loojikiitti, wal-diddaa jechuun, waan tokko yeroo dhuma tokkotti, ofii isaa ta'uu fi ofii isaa ta'uu dhiisuu hin danda'u kan jechuudha. Falaasama Loojikitti beekamaa kan ta'e Aristootil, waan tokko, yeroo tokkicha, nama tokkoof, hiika tokkicha ittiin beekamuun, hiika faallaa ta'e kennuu hin danda'u jechuun seera kana ibseera.

Balballii tokko, yeroo tokkicha, banamuu fi cufamuu hin danda'u; yookan banamaa, yookan immoo, cufamaa ta'uu danda'a . Isa kana yaadni wal diddaa jedhu kan inni ibsu yaalu.

Waan tokko ofii isaan kan wal diddaa qabu dha moo? iti?yaada jedhu murtoo kennuu keenya dura, gaaffilee bu'uura sadan armaan gadii sirriitti deebisuu qabna.

- 1) Qabxiileen wal diddaa uuman (wal-morman) jedhaman, kan isaan dubbatan waa'ee waan tokkoti moo, waa'ee wantoota adda addaa ti ?
- 2) Kutaaleen wal diddaa uuman (wal morman) jedhaman, waa'ee waan yeroo murtaa'aa keessatti ta'ee dubbatu moo, waa'ee taata yeroo adda addaa ti?
- 3) Jechootni kutaaleen wal diddaa uuman (wal morman)jedhaman sana irratti argaman, hiika tokko (hiika fallaa) bakka bu'u moo, hiika adda addaa ti?

Dhimmoota bu'uura sadan kana, mee gad fageenyaan haa ilaallu.

Fakkeenya qabxii isaa jalqabaa:

Fkn. Abbebeen soressaa . Abbebeen hiyyeesseedha .

Himootni kun, kan wal morman dhaa? kan jedhu gaaffii yoo dhiyaate, deebiin isaa, kan wal mormaan ta'uu dhiisuu danda'u kan jedhu dha. Himootni kun, waa'ee namoota adda addaa nama lama maqaan isanii Abbebee jedhamu ta'uu danda'a.

2. Fakkeenya qabxii lammffaa

Fkn: Abbebee sooreessaa dha . Abbebee hiyyeessadha.

Himootni kun, kan isaan dubbatan waa'ee nama tokkoo yoo ta'e, kan walmorman ta'u kan jedhu gaaffii yoo dhiyaate, deebii isaa, ta'uu dhiisuu danda'a, kan jedhu dha. Namni tokko, yeroo tokko soressaa ta'ee, yeroo biraa immoo, hiyyeessaa deegaa ta'uu danda'a kan jedhu dha.

Fkn : Namni tokko, Waaqayyoo waan hojjete hunda ilaalee, baay'ee gaarii ture (Uum 1:31) kutaa jedhuu fi Waaqayyo nama lafa irratti uumuu isaaf gaabbee, gaddes (Uum 6:6) kutaa jedhuu wajjin wal bira qabuudhaan kutaalee lamaan kana gidduu wal mormiitu jira yoo jedhe, murtoon isaa dogoggora ta'a.

Sababiin isaas, dubbiin kun yeroo fi iddoon isaan itti dubbataman baay'ee adda adda waan ta'eef dha. Namni inni lammaffaa garuu, yeroo gaarii hin taane keessa waan dubbateef dha .Mee itti dabaluudhaan Mat. 10:1-18 irra yaada dabaluudhaan Yon 12:6 Yoh 13:2-27 yaada jiran wajjin waliin ilaali.

Kutaaleen kun, waa'ee nama tokko waa'ee Yihuudaa, yaadolee wal morman fakkaatan kan dubbatan dha. Kana malees, sa'atii Yesuus itti du'ee ilaalchisee, Maarqos (Maar 15:25) irratti isaa galmaa'ee fi Yohaannis (Yoh 19:14) isa galmaa'ee yoo ilaalle, as irratti inni tokko, sa'atii sadii yemmuu jedhu, inni

tokko immoo, sa'atii ja'a irratti murtoof akka dhiyaate seenessa. Kutaaleen kun kan wal -mormandhaa laata? Deebiin isaa wal hin morman kan jedhu dha. Sababiin isaas, barreessitootni lamaanuu , akkaataan lakkofsa sa'atii isaan fayyadaman, akkaataa lakkofsa sa'atii biyyoottan adda addaa waan ta'eef dha.Kunis, inni tokko, akkaataa lakkoofsa sa'ati Ibrootaatti yeroo fayyadamu,inni biroon immoo, akkaataa lakkosfa warra Roomaatti waan gargaarameef dha.

3. Fakkeenya qabxii sadaffaa.

Abbebeen sooressaa dha . Abbebeen Hiyyeessaa dha . Kan jedhan himoota lama haa ilaallu .

Himootni kun lamaan, waa'ee nama maqaan isaa Abbebee jedhamu yeroo tokko keessa kan dubbatame yoo ta'e, himootni kun wal mormu kan jedhu gaaffiin yoo dhiyaate, deebiin isaa, ta'uu dhiisuu danda'a kan jedhuudha. Tarii jechootni sooressaa fi hiyyeessaa jedhaman kun, himoota kana keessatti hiika addaa bakka bu'anii dhiyaataniiru ta'uu danda'a. Sooressa ta'ee barumsaan hiyyeessa ta'uu waan danda'uuf dha.Jechii tokko himoota adda addaa keessatti hiika adda addaa bakka bu'uu qofa osoo hin taane, jechichi, kallattinis ta'e, dubbii haalaan (jechamaan), itti gargaaramuu danda'ama .

Mee dubbii Ergamaa Phaawuloos lama haa ilaallu.Dhugummaa isaa karaa kam akka ta'e hubachuu haa yaallu.Filiph 3:6 fi Xim 1:15 keessatti dubbiiin Ergamaa Phaawuloos kan wal hin mormine ta'uu isaanii argina.

Kanaafuu, kallattii adda addaa ilaaluuf akka yaalle, qabxiin lama wal-mormu jechuu kan danda'amu, mat-himni himchaa tokko yemmuu ta'u, himichi

waa'ee taatee tokko yeroo tokko keessa raawwatamani dubbatu yoo ta'e, jechootni himoota sana keessa jiran hiika wal fakkaataa bakka bu'anii yoo dhiyaatan, akkasumas, falmicha keessa, faallasa lojikii yoo keessa hin jirre, qofaa dha.



Qabxiilee Hubannoo

Kufaa kana keesatti, dhimmoota bu'uura sadii kaaafne irratti mariyachuun keenya ni yaadatama.

Haaluma kanaan, barattootni mata-dureewwan /qabxiilee armaan gadii hubataniiru jedhame amanama .

Isaanis:

- ❖ Waa'ee maalummaa Loojikii
- ❖ Waa'ee maalummaa wal-diddaa/wal-mormii
- ❖ Waa'ee maalummaa fi amala falmii

Barattootni isaan kana, fakkeenya isaanii wajjin ibsuu danda'u jennee yaadana . Kanaafuu, barattootni as irratti ol-ilaaluu, of gaafachuu, of madaaluun, qabxiilee kana irratti yaadannoo qabaachuun barbaachisa akka ta'e akka irratti xiyyeeffatan eegama

Gaaffilee Madaallii

- 1) Qabxiileen wal-mormu jedhaman waa'ee mata-duree tokko kan dubbatan dha moo, waa'ee wantootaa adda addaa tii ?

- 2) Kutaaleen wal-mormu jedhaman, waa'ee yeroo murtaa'ee tokkoo kan dubbatan dha moo, waa'ee wantoota yeroo adda addaa keessa geggeeffamani dubbatu?
- 3) Jechootni kutaalee wal diddaa (wal morman) jedhaman sana irratti argaman tokko, hiika wal fakkaatoo bakka bu'uu moo, hiika adda addaa ti?

3.5 Goolaba



Faayidaa Falaasamni kiristaannummaf qabu

Kutaalee ilaalaa turre kana irraa, barattootni waa'ee falasaama hubannoo akka argatan amanama. Kuta kana keessatti ,falaasamni kiristaanummaa fi tajaajila inni kennu keessatti gaarummaa fi dhiibbaa inni ilaalamee, hubannoon walii gala akka qabatamee dha.

Kanaafuu, barattootni yaadolee bu'uura argatan kana irratti hundaa'uudhaan karaa hubannoo ofii isaan ibsa gahaa itti kennuun barreeffama akka qopheessan ni jajjabeffamu.

Duraan dursinee seensa irratti ibsuuf akka yaalle, falaasamni ogummaa jaallachuu, yookan, ogummaa hordofuu barbaaduu jechuudha. Ogummaa kana ilaalchisee, Macaafa Qulqulluu keenya keessatti bal'inaan akka dhiyaate, keesumattuu, Macaafa Fakkeenya fi Macaafaa Weedduu Weeddotaa keessatti xiyyeeffannaan adda akka itti kenname ilaaluu ni danda'ama. Kana jechuun immoo, karaa tokkos ta'e, karaa biraa, Macaafni Qulqulluun, waa'ee falasaama ni dubbata jechuudha. Kanaafuu, akka kiristaanaatti, keessuma akka nama

bara kana keessa jiraatutti, waa'ee falaasamaa waa hedduu beekuu, dubbisuu fi qu'achuu qabna jechuudha.



3.6 Yeroo kun yaaddeessaa ta'uu isaa kan agarsiisan maal fa'i?

Itoophiyaa keessattis ta'e, biyya lafaa guutummaatti, lakkoofsi dargaggootaa baay'ee dabalaa jira .

Fkn: Ameerikaa keessatti lakkoofsi uummataa bara 1991 geggeeffame akka agarsiisutti, lakkoofsi dargaggoota 15% itti akka guddatee ibsameera. Yeroo dhuma kana keessa, lakkoofsi dargaggoota Waldaa hin deemnee, harka dachaan akka guddate dubbatama; jechuunis Miliyoona 39 kan ture, gara Miliyoona 75 itti guddatee .Yeroo kana keessa, jijjiiramni ture 92% akka ta'e beekameera.

Qu'annoon tokko akka agarsiiseetti Ameerikaa dhaa, lakkoofsi dargaggoota Waldaan hin deemne akka amma kanatti yoo itti fufe, Ameerikaan addunyaa keessa biyya beekamtuu kiristaanni keessa hin jirre, biyya 11ffaa taati jechuudha.Kun sababni inni ta'uu danda'eef, waldaan kiristaanaa rakkoo Mooderniizimiin fidu hubatee jijjiiramaaf ka'uu dhiisuu/ dadhabuu ishee ti.

Ameerikaan aadaa kiristaanummaa keessaa, gara aadaa Poost-Mooderniizimii itti erga ceete oolee buleera .

Inni kun ,biyya keenya dargaggootni jireenya attamii jiraachaa jiru? kan jedhu gaaffiin ka'uu danda'a.Adduunyaan amalaa fi ilaalcha qofaan osoo hin taane, amantidhaanis jijjiiramaa dhufteetti.Yeroo ammaa kana, namootni ilaalcha fi amantii Macaafa Qulqulluu qabaachaa turan suuta suuta dhiisaa jiru.

Ilaalcha kiristaannii addunyaa ittin ilaalus, harkaa buufamaa, harkaa fudhatamaa jira .

Inni kun immoo, kan inni mul'atu, kanneen waldaa ala jiran qofaa irratti osoo hin taane, waldaa keessatti warra lammaffaa dhalatan irraa mul'achaa kan jirudha. Yeroo ammaa kana, kiristaanotni haala bara ammaa fi Mooderniizimii liqifamanii, garraamummaa fi dhugaa Macaafa Qulqulluu jireenya isaanii geggeeffachuu dadhabaa akka jiran argamaa jira.

Dargaggoota waldaa irratti qu'annoon bal'inaan geggeeffame akka agrasiisutti :

- Dhibbantaa 44 kan ta'an, hubannoo ofii isaaniin dhugaa barbaadani argachuu danda'u jedha.
- Dhibbantaa 57 kan ta'an, safartuun dhugaa kan keessa jiru dhugaan dhaabbataa ta'e (hin jijjiiramne) hin jire jedhanii amanu.
- Dargaggoota gara dhibbantaa 15 kan ta'an, qofaa tu dubbii armaan gadii mallattoo Poost-Moodernizimii ta'e kana kan morman. Dhibbantaa kanneen hafan, sagalee guutuun simataniiru.
- Haalli keessa jirru kan inni ittiin geggeeffamaa jiru, waanti nama tokkoof dhugaa ta'e, haaluma sana keessa nama jiru nama kan biroof, dhugaa ta'uu dhiisuu danda'a kan jedhuun dha. Sababiin isaas dhugaan relative waan tateef jedhu.

“siif dhugaa kan ta'e, anaaf soba ta'uu danda'a” (moral relativism) yaada jedhuun dargaggootni amantoota ta'an ilaalcha kana kan fudhatan dhibbantaa 85 dha.

Jaallatamoo barattoota Liidstaar kan taatan qabxiilee dhiibbaantaan armaan olitti dargaggoota ilaalchisee dhiyaatan kana irratti waldqaan kiristaanaa maal gochuu qabdii jettanii yaaddu ?



Dhibbantaa 29 qofaa tu jecha armaan gadii hin fudhannu jedhan. “gara sirna naamusaa yeroo dhufnu, sirni naamusaa inni dhugaa ta’e nama tokko irraa ,nama kan biraatti adda addummaa qaba. Kanaafuu, dhugaan hin jijjiiramne hin jiru . Dhugaan relative dha (epistemological relativism) .Waluma gala, bara keenya kana yeroo ilaallu, qoricha (araada) nama hadoochu fudhachuudhaan, gaa’ila diiguun, haadha (abbaa) namaa lama fuudhuu, saal-quunnamtii saal-tokkee, sirna naamusaan baduu, kiristaanootni rakkoolee suukanneessoo akkasiif saaxilamanii akka jiran beekamaadha.

Kun maalif ta’ee ? Kiristaana maaltu akkas taasiee? Rakkoon keenya maal dhaa ? Isaan kana deebisuuf ,barumsi nu gargaaru baarumsa falaasamaa ti.Kanaafuu, beekumsa fi muuxannoo dhaloota kana ittiin chaleenji gochuu dandeenyu horachuu qabna jechuudha.

Barattooni koorsii kana fudhachuu isaanii mirkaneeffachuuf wantoota barbaachisoo ta’an sadi raagawwachuu tu irraa eegama .Isaanis, gaaffilee shaakalaa kitaaba kana irra jiran hojjetanii yeroon dhiyyeessuu,

assaayinmentii barreessuu fi qoraamata xumuraa fudhachuu dha .Haaluma kanan, gaaffilee armaan gadii hojjedhaa .



Gaaffilee Madaallii

- 1) Waldaa keenya keessatti ,duula wangeelaa geggeessinuuf hojiin ragaan deggerame hangam faayisa qabeessa akka ta'e ibsaa.
- 2) Akka ati yaaaddutti ,keessumatti waldaa kiristaanaa Itoophiyaatiif ,yeroo kana yaaddeessa kan taasisu maal fa'i jettee yaadda? Maaltu hojjetamuu qaba jetta?
- 3) Barumsa falaasama bu'aa inni siif qabu maal?
- 4) Macaafa Qulqulluu sirriitti dubbisuudhaan luqqisii falaasamaa wajjin walitti dhufeenya qabu jettee yaaddu, yaada isaanii sirriitti ibsi.



Qabxiilee Ijoo Kutaa Sadaffaa

Hammini bara kana keessa jiru namoota waldaaf yerichi yaaddeessaa ta'uu isaa, keessumattuu dargaggootaaf, falaasamni namoota Waaqayyoon kan gansiisu akkuma jiran akkauma amantii isaanii ilaalchisee falmuu fi ibsa saayinsawwaa ta'e akka isaan dhiyeessan kan isaan gargaaru akka ta'e beekamaa dha.

Dhaloota amma jiru kana dhugaa wangeelaan mo'uuf falaasama akka meeshaatti gargaaramuun barbaachisaa ta'uu isaa hubannee , sirriitti itti gargaaramuudha malee, of-irraa achii dhiibuun nu hin baasu/furmaata hin ta'u.

Waldaa keessatti namoota barumsa falaasamaan beekumsaa fi muuxannoo ol'aanaa qabaniin barumsaa fi leenjiwwan adda addaa akka kennan waldooleen haala mijeessuu qabu.



Gaaffilee Shaakalaa

Gaaffilee armaan gadi hojjedhu:

- 1) Chaartii ilaalchawwan addunyaa salgan of-keessatti qabu hojjechuun gaaffilee bu'uura, gaaffii jireenyaa irratti ka'an irratti tokkummaa fi garaagarummaa gidduu isaanii jiran ibsi
- 2) Ilaalchi armaan gadii maal jechuu akka ta'an ibsi.
 - ❖ Objective truth
 - ❖ Subjective truth
 - ❖ Rational truth
 - ❖ Moral truth
- 3) Yeroo falmii geggeessinu keessatti, dhugaalee bu'uura hordofuu qabnu maalfaa akka ta'e, haaluma kanaan, fakkeenya kan ofii keessanii lama lama hojjechuun ibsa.
- 4) Kallattii falaasamaan barattoota qoqqooduun, amantii kiristaanaa irratti gaarummaa fi dhiibbaa inni qabu, hanga danda'ameetti namoota wajjin mariyaachuudhaan kitaaboolee kan biroo dubbisuun gaarii ta'a.
- 5) Falaasama ilaalchisee, bara kana yaadoolee adda addaa lama tu waldaa keessa jiru. Isaanis: Falaasamni amantii waa'ee Waaqayyoo qabnu nu gachisiisa kan jedhuu fi lakkii nu hin gachisiisu kan jedhuudha. Ati yaada isa kam deggerta? Maaliif?

Qajeelfama Waraqaa Ittiin Barreessan**Kaayyoo**

Barumsa kana keessatti, yaadolee dimshaashaa falaasamaa barattan keessaa, tokko filuudhaan faayidaa inni waldaa keessaniif qabu ibsi .

Mata Dureewwan

Mata-dureewwan akka fakkeenyaatti dhiyaatan .

1. Barsiifni falaasamaa bara keenyaa kun Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'eedhaa?
2. Seera falmii loojikiitti fayyadamuun, dhugummaa Sillaasee agarsiisii
3. Dhiibbaa Poost-Moodernizimiin amantii kiristaanaa irratti fidu wixinee
 - a. Seensa (fuula walakkaa)
 - b. Mata-duree filattu irratti qabxiilee (yaada) barumsa kana irraa argattan (fuula lama)
 - c. Mata-duree filattan irratti faayidaa barumsi kun waldaaf qabu
 - d. Goolaba

**Yaadachiisa**

- ✚ Waraqaan kun Komputeraan barreffama yoo ta'e, bo'owwaan gidduu iddoo jiran 1.5 caaluu hin qabu.
- ✚ Waraqaan kun harkaan barreeffama yoo ta'e, waraqaa abbaa sararaatti yoo gargaaramtan ni filatama.
- ✚ Barataan mata-duree kennameen ala hojjechuu barbaade barsiisicha marisiisu qabu.

Reference Books

Alcoff, Linda Martin .Epistemology: The Big Questions ,ed.,Oxford:Blackwell Publishing 1998.

Alston,William P., A Realistic Conception of Truth, Ithaca:Comell University Press.

Audi, Robert. Epistemology: A Contemporary Introduction to the Theory of Knowledge ,Routledge, 1998.

Audi, Robert ,The Cambrige Dictionary of Philosophy ,Cambrige University Press, Cambrige ,2nd edition ,1999.

Bradley, Raymond and Norman Swartz. Possible Words : an Introduction to logic and Its Philosophy , Hackett Publishing Company, 1979.

Craig, Edward(ed.), Routledge Encyclopedia of Philosophy ,Vol. 9 Routledge,1998.

Edward Craig, Philosophy: A Very Short Introduction, Oxford University Press Inc., New York, 2002.

Geisler,Norman L.;Feinberg, D.; Feinberg,Paul D.; Intoduction to Philosophy : A Christian Perspective .Grand Rapids, Mich.: Backer Book House, 1980.

Karl Jaspers, Way to Wisdom:An Introduction ,Yale University Press.

Kirkham, Richrd. Theory of Truth: A Critical Introduction, MIT Press, 1992.

Roger Scruton, A Shrt History of Modern Philosophy :From Descartes to

Wittgenstein (Second edition),Oxford University Press Inc., New Yerk, 1994.